

**Dhaabbata Hojii Addunyaatti**  
**Qajeelfama Raawwatinsa **HIV/AIDS** fi**  
**Addunyaa Hojii**

**Waajjira Hojii Addunyaa**  
**Jeneevaa**

**Dhaabbata Hojii Addunyaatti**  
**Qajeelfama Raawwatinsa **HIV/AIDS** fi**  
**Addunyaa Hojii**

**Waajjira Hojii Addunyaa**  
**Jeneevaa**

Copyright © International Labour Organization 2001  
First published 2001

Publications of the International Labour Office enjoy copyright under Protocol 2 of the Universal Copyright Convention. Nevertheless, short excerpts from them may be reproduced without authorization, on condition that the source is indicated. For rights of reproduction or translation, application should be made to the Publications Bureau (Rights and Permissions), International Labour Office, CH-1211 Geneva 22, Switzerland. The International Labour Office welcomes such applications.

Libraries, institutions and other users registered in the United Kingdom with the Copyright Licensing Agency, 90 Tottenham Court Road, London W1T 4LP [Fax: (+44) (0) 20 7631 5500; email: [cla@cla.co.uk](mailto:cla@cla.co.uk)], in the United States with the Copyright Clearance Center, 222 Rosewood Drive, Danvers, MA 01923 [Fax: (+1) (978) 750 4470; email: [info@copyright.com](mailto:info@copyright.com)] or in other countries with associated Reproduction Rights Organizations, may make photocopies in accordance with the licences issued to them for this purpose.

---

Second impression 2003

ISBN 92-2-112562-9

---

The designations employed in ILO publications, which are in conformity with United Nations practice, and the presentation of material therein do not imply the expression of any opinion whatsoever on the part of the International Labour Office concerning the legal status of any country, area or territory or of its authorities, or concerning the delimitation of its frontiers.

The responsibility for opinions expressed in signed articles, studies and other contributions rests solely with their authors, and publication does not constitute an endorsement by the International Labour Office of the opinions expressed in them.

Reference to names of firms and commercial products and processes does not imply their endorsement by the International Labour Office, and any failure to mention a particular firm, commercial product or process is not a sign of disapproval.

ILO publications can be obtained through major booksellers or ILO local offices in many countries, or direct from ILO publications, International Labour Office, CH-1211 Geneva 22, Switzerland. Catalogues or lists of new publications are available free of charge from the above address, or by email: [pubvente@ilo.org](mailto:pubvente@ilo.org)

Visit our website: [www.ilo.org/publns](http://www.ilo.org/publns)

---

Pagesetting by the ILO, Geneva

Printed in France

## **Fuul-Duree**

Bara kana, dhibeen “HIV/AIDS” balaa addunyaa kanaa ta’ee, rakkoolee sodachisaa dinagdee fi guddina hawaasaa gufachiisan keessaa isa tokkodha. Biyyoota miidhaman baay’ee keessatti, dhibeen kun: misooma waggoota dheeraa irraa calqabee argame diigaa jira; dinagdee humna-fuudhaa jira; sodaa nageenyaa uumee hawaasa tasgabbi dhowwaa jira. Biyyoota Afrikaa Sahaaratii gadi jiran keessa-bakka itti dhibeen kun badii guddaa gessiseerubalaan kun haala yeroo atattamaa uumee jira.

Gadadoo matayyaa fi maatii isaanii irraan gahuun olitti, dhibeen kun, irra caalaatti, hundee dinagdee fi hawaasaa miidhaa jira. “HIV/AIDS”n addunyaa hojiif yaaddoo isa cimaadha. Garee humna namaa isa irra caalaatti oomisheessu miidhee galii xiqqeessaa jira. Akkasumas: oomisha xiqqeessaa; baasii humna namaaf bahu guddisee; muuxannoo fi ogummaa dhabamsiisee, dhaabbilee gama damee hundumaatiin jiran irratti baasii guddaa fe’aa jira. Kana duukaas, “HIV/AIDS”n, mirgoota bu’uuraa bakka hojii miidhaa jira. Keessumaayyuu, haalli kun, loogii fi qoobsii gara hojjettootaa fi namoota “HIV/AIDS” wajjin jiraatan fi isaatiinis miidhaman irratti aggaamameen ta’uun isaa qabatamaadha. Dhibeen kun fi miidhaan isaa, irra caalaatti, namoota dadhabaa ta’an kan akka dubartootaa fi da’imman irratti cimudhaan, rakkoo gama wal-caaltee saalaa fi daa’imman hojjechiisuutiin jiru daraan cimsaa jira.

Kana irraa ka’ee, Dhaabni Hojii Addunyaa (DhHA), “Qajeelfama Dhimma ‘HIV/AIDS’ fi Addunyaa Hojii” jedhamu fi kan yaada ciccimaa of keessaa qabu baasuuf dirqame. Qajeelfamni kun, tamsa’ina dhibee kanaa ittisuu fi miidhaa inni hojjettootaa fi maatii isaanii irraan gahu salphisuuf, akkasumas dhukkuba kana akka dandamataniif gargaarsaa fi dahoo hawaasaa kennuufiif deeggarsa cimaa ta’a. Kanaafuu, waa’ee dhibee kanaa bakka hojiitti ijoo dubbii gochuuf, ejjeta ciccimaa kan akka: “HIV/AIDS” akka dhimma bakka hojiitti beekuu; miindessuu irratti qoobsuu dhiisuu; walqixxummaa koorniyaa; calallii fi eegumsa icciitii; wal-marii hawaasaa; ittisaa fi of-eegannoo; fi gargaarsaa qabata.

Qajeelfamni kun, wal-ta’insa DhHA fi miseensotaa sadeen isaa, akkasumas walitti-dhufeenya inni miiltota isaa guutuu addunyaa wajjin qabuun kan qophaahedha. Innis, imaammata bakka hojii mijjaa’aa fi sagantaalee ittisaa fi kunuunsaa qopheessanii hojii irra ooshuu, fi imaammata waa’ee hojjettoota damee dhaabbataa hin-taane keessa jiran baasuuf kan gargaaru qajeelfama qabatamaa hamma kana hin jedhamne, warra imaammata baasaniif, miindessitootaaf, waldaalee hojjettootaa fi miiltolee hawaasaa warra kaaniif kenna. Qajeelfamni kun, addunyaan “HIV/AIDS” waraanuuf tattaaffii godhu keessatti, gumaacha gati-qabeessa DhHAN kennedha.

Haala namummaa fi misoomaa hunkuramaa kana keessatti, qajeelfamni kun, akkaataa itti hojiin tasgabbaahaan jiraatu gargaara. Hamma ammaatu, kufinsa kana irratti hojjechuuf tattaaffii godhame irraa barumsi gatii qabu argameera. Biyyootni muraasni, tamsa’ina faalamuu suutessuu fi dhiibbaa inni matayyaa fi hawaasa isaanii irraan gahu salphisuu irratti hamma ta’e milkaahaniiru. Gochi ciccimoon raawwataman: gara-kuteenya ooggansaa; walitti-dhufeenya damee hojii maraa; miiltoma hawaasa wajjin uumuu; namoota “HIV/AIDS” waliin

jiraatan dabalachuu fi barumsa dabalatu. Qabxiileen kun, duudhaa qajeelfamichaa ijoo ta'an keessatti calaqisuu fi miiltolee hawaasaa birmachiisuun, sochoosuun raawwii qabatamaa argamsiisuuf abdachiisaadha.

Qajeelfamni kun, waa'ee dhibee kanaa fi dhiibbaa inni bakka hojii irratti qabu ilaalchisee, yaada haaraa karaa banu, kan rakkoo amma jiru hubatee waan isatti aanus tilmaamudha. Karaa qajeelfama kanaa, DhHAN, deegersa qaamota sadarkaa addunyaa fi biyyaatti mirgaa fi kabaja hojjetootaa fi namoota "HIV/AIDS" waliin jiraatan hundumaa eeguuf kennu ni guddisa.

Jeneevaa, Waxabajji 2001

Ju'an Samaviya  
Direkteera Ol'aanaa

## Qabiyyee

Fuul-Duree.....	iv
1. Kaayyoo.....	1
2. Faayidaa.....	1
3. Bal'inaa fi jechoota qajeelfama kana keessatti faayida irra oolan.....	1
3.1 Bal'ina .....	1
3.2 Jechoota qajeelfama kana keessatti faayidaa irra oolan .....	1
4. Duudhaawwan Ijoo.....	3
4.1 “HIV/AIDS” akka dhimma bakka hojiitti beekuu.....	3
4.2 Qoobsuu hambisuu .....	3
4.3 Wal-qixxummaa koorniyaa .....	3
4.4 Nageenya bakka hojii .....	4
4.5 Wal-marii hawaasaa .....	4
4.6 Calallii miindahuu ykn bakka hojii irraa ittisuuf godhamu.....	4
4.7 Iccitii eeguu .....	4
4.8 Itti-fufinsa miindeffamuu .....	4
4.9 Ittisa .....	4
4.10 Kunuunsuu fi gargaarsa .....	5
5. Mirгаа fi itti-gaafatamummaa waliigalaa .....	5
5.1 Mootummootaa fi cimina abbaa-taa'itoota isaanii .....	5
5.2 Miindessitoota fi Jaarmiyaalee isaanii.....	7
5.3 Hojjettotaa fi waldaalee isaanii .....	10
6. Ittisa karaa odeeffannoo fi barumsaa.....	11
6.1 Odeeffannoo fi duula quba-qabsiisuu.....	12
6.2 Sagantaalee barnootaa .....	12
6.3 Sagantaalee koorniyaa irratti xiyyeeffatan .....	13
6.4 Walitti-dhufeenya sagantaalee babal'ina fayyaa wajjinii .....	14
6.5 Tarkaanfii qabatamoo jijjiirraa amalaa gargaaran .....	14
6.6 Sagantaalee tajaajila alaa hawaasaa.....	15
7. Leenjii.....	15
7.1 Leenjii ooggantootaa, to'attootaa fi hojjettoota bulchiinsaa .....	15
7.2 Leenjii barsiisota hiriyyaa .....	16
7.3 Leenjii bakka-buutota hojjettootaa .....	16
7.4 Leenjii hojjettoota fayyaa fi nageenyaa.....	17
7.5 Leenjii to'attoota warshaa/hojii.....	17
7.6 Leenjii hojjettoota dhiiga namaa fi dhangala'aa qaamaa wajjin wal-xuqan .....	18
8. Qorannaa.....	18
8.1 Miindessuu fi hojjechiisuu keessaa hambisuu.....	19
8.2 Dhimma inshuraansiif qorannoo hambisuu.....	19
8.3 To'annaa dhimma fayyaa .....	19
8.4 Qorannoo fedhii.....	19
8.5 Qorannoo fi wal'aansa hojii irratti saaxilbahuu boodaa.....	20
9. Kunuunsa fi gargaarsa .....	20
9.1 Wal-fakii dhukkuboota ciccimoo gosa biraa wajjin .....	20
9.2 Gorsa.....	21

9.3	Tajaajila fayyaa hojiif kan biraa .....	22
9.4	Walitti-dhufeenya gareewwan wal-gargaarsaa fi gareewwan hawaasaa wajjin.....	22
9.5	Faayidaa.....	22
9.6	Wabii hawaasaa argachuu .....	22
9.7	Dhimma dhuunfaa fi icciitii.....	23
9.8	Sagantaalee hojjetootaa fi maatii isaanii gargaaran .....	23
Maxxantoota .....		25
I.	Dhugaa bu'uuraa waa'ee dhibee kanaa fi hubachiisa isaa .....	25
II.	Bakka hojiitti faalamuu to'achuu .....	30
III.	Qabiyyee imaammata “HIV/AIDS” iddoo hojii karooruu fi raawwachuu.....	32





## **1. Kaayyoo**

Kaayyoon qajeelfama kanaa waa'ee balaa "HIV/AIDS" ilalchisee, addunyaa hojii fi gama hariiroo babal'ina hojii tasgabbaahaa keessatti qajeelchota dhiheessuudha. Qajeelchotni kunis qabxiilee ciccimoo kanatti aanan qabatu:

- (a) Ittisa "HIV/AIDS";
- (b) To'annaa fi gadi-xiqqeessuu miidhaa "HIV/AIDS"n addunyaa hojii irraan gahu;
- (c) Kunuunsaa fi deeggersa hojjetoota "HIV/AIDS"tiin faalamani fi miidhaman;
- (d) Qoobsii fi loogii HIVn qabamuun ykn shakkamuun uumamu balleessuu/hambisuu

## **2. Faayidaa**

Qajeelfamni kun dhimmoota kanaa gadiitiif fayyada:

- (a) Deebii qabatamaa sadarkaa dhaabbilee hojii, hawaasaa, naannoo, damee, biyyaa fi addunyaatti uumuu;
- (b) Haala marii, gorsaa, waliigaltee fi gamtooma; mootummotaa, miindessitootaa fi hojjetootaa fi bakka-buutota isaanii, hojjetoota fayyaa, beektota dhimma "HIV/AIDS" fi warra dhimmi ilaalu hunduma (kunis dhaabbilee hawaasaa fi miti-mootummaa dabalachuu ni dandaha) gidduutti babal'isuu;
- (c) Miiltoolee hawaasaa wajjin mari'achuudhaan dhimmoota inni qabatee hojii irra ooshuu.  
Kunis:
  - seera biyyaa, imaammataa fi sagantaalee raawwii keessatti,
  - waliigaltee bakka hojiitti/dhaabbilee keessattii, fi
  - imaammataa fi karoora raawwii bakka hojii keessatti.

## **3. Bal'inaa fi jechoota qajeelfama kana keessatti faayida irra oolan**

### **3.1 Bal'ina**

Qajeelfamni kun warra kanaan gadii ilaala.

- (a) Miindessitoota fi hojjetoota (warra miindessamuuf gaafate dabalatee) kan mana mootummaa fi dhuunfaa keessa jiran hundumaa; fi
- (b) Gosa hojii hundumaa (damee dhaabbataa fi dhaabbataa hin-ta'iin).

### **3.2 Jechoota qajeelfama kana keessatti faayidaa irra oolan**

*HIV*: Vaayresii humna dhukkuba of-irraa dhowwuu dadhabsiisee dhuma irratti AIDS nama irraan gahu.

*Namoota miidhaman:* Namoota jireenyi isaanii karaa kamiyyuu dhiibbaa gosa baay'ee “HIV/AIDS” tiin jijjiirame.

“AIDS”: Tuuta haala fayyaa, baay'inaan akka dhukkuboota haala eeggatanii fi akka xafaatti beekamanii fi kan fayyuu hin-dandahamne.

*Qoobsuu:* Jechi kun, qajeelfama kana keessatti akkaataa hiika Waliigaltee Qoobsuu (Miindeffamuu fi Gosa Hojii) 1958 (Lakkoofsa 111) keessatti kennameen akka “HIV” dabalatutti fayyadamameera. Akkasumas, qoobsii haala hojjetaan “HIV”tti shakkamee fi qoobsii filannoo sal-quunnamtii irraatti hundaahaa uumamu dabalata.

*Namoota qaamni hir'ate:* Jechi kun, qajeelfama kana keessatti, akkaata hiika “Waliigaltee Baraarsa Ogummaa fi Hojii (Namoota Qaamni Hir'ate) 1983 (lakkoofsa 159) keessatti kennameefiin fayyadamameera. Kallattiitti, namoota carraan isaanii gama hojii itti fufinsa qabu argachuu, irra turuu fi irratti guddachuutiin jiru, hir'ina qaamaa fi sammuu mirkanaaheen kan ka'e, baay'ee xiqqaatedha.

*Miindessituu:* Nama yookiin jaarmiyaa waliigaltee affaanii ykn barreeffamaatiin hojjetoota miindessuu. Waliigalteen kunis, seeraa fi heera biyyichaa irratti hundaahaa, mirgaa fi dirqama qaama lamaanii kan qabatudha. Miindessitootni, mootummaa, abbaa-taa'itaa mootummaa, jaarmiyaa dhuunfaa fi namoota ta'uu ni dandahu.

*Tajaajila fayyaa bakka hojii:* kun qajeelfama kana keessatti haala ibsa “Waliigaltee Tajaajila Fayyaa Bakka Hojii”, 1985 (lakkoofsa 161) keessatti kennameen fayyadameera. Kunis, kallattiitti tajaajiloota fayyaa warra dhukkuba ittisanii fi warra miindessitootaa fi hojjetoota fi bakka buu'tota isaanii gorsuuf itti-gaafatama qaban ilaala. Gorsii kunis, akkaataa itti naannoo bakka hojii qulqulluu fi naga-qabeessa akkasumas mala hojii kan qaamaa fi sammuu fayyaa fi gaheessa hojiif mijjessu dabalata.

*Jijjiirraa fudhatamaa:* fooyya'insa ykn jijjiirraa hojii ykn bakka hojii haala quubsaa ta'een raawwatamuu dandahu fi kan nama “HIV” ykn “AIDS” waliin jiraatu miindessamuu fi hojii keessatti guddachuu dandeessisu.

*Calallii:* tarkaanfii kallattii (“HIV” qorachuu), karaa biraa (soniinsa sadarka dabarsanii of-kennuu), ykn gaaffii waa'ee qorannoo godhamee ykn waa'ee qoricha fudhatamuu gaafachuu.

*Saalaa fi koorniyaa:* Dhiiraa fi dubartii gidduu garaagarummaa uumamaa fi hawaasaatu jira. Jechi “saalaa” garaagarummaa uumamaan murtaahe yoo mul'isu, jechi “koorniyaa” immoo gehee fi hariiroo dhiiraa fi dubartii gidduu jiru mul'isa. Gaheen gama korniyaattiin jiru hawaasa irraa kan baramu yommuu ta'u aadaa keessaa fi gidduutti garaagarummaa qaba. Gaheen koorniyaa umurii, sanyii, gosaa fi amantii, akkasumas biyyaan, dinagdeedhaani fi siyaasaan murtaahu.

*Faalamuu wal-quunnamtii saalaatiin daddarbu:* kun dhukkuboota kan akka cobxoo, fanxoo fi kan kana fakkaatani fi dhibeewwan bal'inaan akka dhukkuboota wal-quunnamtii saalaatiin daddarbanitti beekaman qabata.

*Miindessuu dhaabuu:* Kun hiika Waliigaltee Miindessuu Dhaabuu, 1982 (lakkoofsa. 158) keessatti kenname kan qabatu ta'ee kunis fedha miindessaatiin hojii irraa arihuudha.

*Of-eeggannoo Waliigalaa:* warri kun akkaataa hojii murtaahaa kan balaa dhibeewwan dhiiga irraa uumaman ittiin to'atanidha. (Bal'inaan Maxxantuu II keessatti kennameera).

*Hojjetoota hojii dhaabbataa hin taanee keessaa* (damee dhaabbataa hin-ta'iin jedhamaniis beekamu): Jechi kun Maxxantuu I keessatti ibsameera.

*Bakka-bu'oota hojjetootaa:* Akkaataa Waliigaltee Bakka-buutota Hojjetootaa, 1971 (lakkoofsa 135) tiin, warri kun seera biyyaatiin isaan kanaa gadii keessaa akka tokkootti kan beekamanidha.

- (a) Bakka-buutota waldaa hojjetootaa, kan akka bakka-buutota filatamanii; ykn waldaa hojjetootaatiin ykn miseensota waldootii kanaan kan filataman; ykn
- (b) Baaka-buutota filataman, kan akka bakka buutota warra hojjetoota mirga qabaniin haala seera ykn heera biyyaa ykn waliigaltee dhimma kanaaf jiruun filataman, haata'u malee, warra hojiin isaanii dhimmoota biyya sanaa keessatti akka mirga addaa waldaa hojjetootaatti beekaman hin dabalanedha.

*Gadadamuu:* Kun gama hawaasa, dinagdee fi aadaatiin humna dhabuu, haala hojii kan hojjetoota qarxii fuudhee dhukkubaaf saaxiluu fi akkasumas kan daa'imman sadarkaa hojiitti bobba'uutiin gahudha (dabalataaf Maxxantuu I ilaali).

## **4. Duudhaawwan Ijoo**

### **4.1 “HIV/AIDS” akka dhimma bakka hojiitti beekuu**

“HIV/AIDS” dhimma bakka hojii waan ta'eef, akkuma dhukkuboota ciccimoo bakka hojii gosa biraatti ilalamuu qaba. Kunis kan barbaachise, dhibeen kun bakka hojii waan miidhuuf gofa otoo hin ta'iin, bakki hojii ofii isaa qaama hawaasa naannoo isaa ta'ee, tamsa'inaa fi miidhaa dhibee kanaa ittisuuf qabsoo bal'inaan taasifamu keessatti gahee guddaa taphachuu waan qabuufidha.

### **4.2 Qoobsuu hambisuu**

Amantii bakka hojii tasgabbaahaa fi kabaja mirgootaa fi ulfina namoota “HIV/AIDS” tiin qabamanii ykn miidhamaniin, haala "HIV" mul'ate ykn shakkame irratti hundahe hojjetootaa qoobsuun jiraachuu hin qabu. Qoobsuunii fi handaarsuun namoota "HIV/AIDS" wajjin jiraatani, tattaaffii ittisa "HIV/AIDS" dagaagsuuf godhamu balleessa.

### **4.3 Wal-qixxummaa koorniyaa**

Waa'een “HIV/AIDS” gama koorniyaatiin jiru fudhatamuu qaba. Uumama, aadaa, hariiroo hawaasaa fi dinagdeen wal-qabatee, dubartootni dhiira caalaa dhibee “HIV/AIDS” tiin qabamu, ciminaanis ni miidhamu. Hawaasa tokko keessatti, yoo qoobsiin koorniyaa irratti hundahe guddatee fi yoo gaheen dubartootaa xiqqaate, carran isaan “HIV/AIDS” tiin miidhaman ni guddata. Kanaafuu, tamsa'ina dhukkuba "HIV" dhowwuu fi dubartootni akka miidhaa “HIV/AIDS” dandamatan dandeessisuuf, wal-qixxummaa koorniyaa fooyyessuu fi dubartoota aangomsuun dirqamadha.

#### **4.4 Nageenya bakka hojii**

Hamma gochuun dandahamutti, warra dhimmi ilaalu hundaaf, haallii fi naannoon hojii qulqulluu fi nagaa-qabeessa ta'uu qaba. Kunis tamsa'ina "HIV" dhowwuuf, haala qabxiilee Waliigaltee Nageenyaa fi Fayyaa Hojii, 1981 (Lakkoofsa. 155) tiin kan ta'udha.

Naannoon hojii nageenya qabu hojjettootaaf waan haala mijjeessuuf hojjettootni dandeettii guutuutiin hojii isaanii akka raawwatan gargaara.

#### **4.5 Wal-marii hawaasaa**

Imaammataa fi sagantaa "HIV/AIDS" fiixaan baasuuf, miindessitoota, hojjettootaa fi bakka buutota isaanii fi mootummaa [bakka ta'uu dandahutti, qooda fudhannaa hojjettoota "HIV/AIDS" wajjin jiraatani fi miidhaman] gidduutti, gamtoomni fi wal-amanuun barbaachisaadha.

#### **4.6 Calallii miindahuu ykn bakka hojii irraa ittisuuf godhamu**

Hojjettootni fi namootni miindefaamuuf dorgoman irraa qorannoo "HIV/AIDS" gaafatamuu hin qaban.

#### **4.7 Icciitii eeguu**

Namootni miindessamuuf gaafatan ykn hojjettootni, waa'ee dhimma mataa isaanii "HIV/AIDS" wajjin wal-qabatu akka ifa baasan gaafachuun fudhatamaa miti. Akkasumas, hojjettootni, waa'ee hojjettoota warra kaanii akka himan gaafatamuu hin-qaban. Ragaa haala "HIV" hojjettaa faana wal-qabatu ilaaluun, seera icciitii qajeelfama raawwii DhHA eeggitii icciitii hojjettootaaf jiru (1997) wajjin wal-simuun abboomamuu ni qaba.

#### **4.8 Itti-fufinsa miindeffamuu**

"HIV"tiin qabamuun, miindeffamuu dhaabuuf ka'umsa ta'uu hin-danda'u. Akkuma dhukkuboota warra kaanii, namootni dhukkuba "HIV" faana wal-qabatun qabaman, hamma gama ulaagaa fayyaatiin dandeettii qabaniitti, hojii jiruu fi kan isaanii ta'u irratti hojjechuu dandahuu qabu.

#### **4.9 Ittisa**

"HIV"tiin qabamuun ittisamuu ni danda'a. Karaa daddarbinsaa isaa hunda tooftaa adda-addaatiin ittisuun ni dandahama. Tooftaaleen kunis, haala biyya sanaa fi aadaa wajjin wal-simuu qabu.

Ittisuun; jijjiirraa amalaatiin, beekumsaan, wal'aansaa fi haala qoobsiin ala ta'e uumuudhaan cimuu ni dandaha.

Miiltoleen hawaasaa, tattaaffii ittisaa babal'isuuf, keessumaayyuu, karaa odeeffannoo fi barumsa kennuttiin, jijjiirraa ilaalchaa fi amalaatiin wal-qabatee fi dhimmoota hawaasaa fi dinagdee gaggeessuu irratti, bakka addaa ni qabaatu.

#### **4.10 Kunuunsuu fi gargaarsa**

Addunyaa hojii keessattii, tokkummaa, kunuunsuu fi deeggersi, deebii “HIV/AIDS”f kennamuuf karaa agarsiisuu qabu. Hojjettootni hundi, hojjettoota “HIV” wajjin jiraatan dabalatee, tajaajila fayyaa bitachuu dandahan argachuu qabu. Gama sagantaa wabii hawaasaa fi carraa hojiitiin jirutti gargaaramuu fi argachuutiin, isaanis ta'ee warra isaan bulchan irratti qoobsuun raawwatamuu hin-qabu.

### **5. Mirgaa fi itti-gaafatamummaa waliigalaa**

#### **5.1 Mootummootaa fi cimina abbaa-taa'itoota isaanii**

- (a) *Wal-unachuu:* Mootummootni, waa'ee addunyaa hojii karoora biyyaa keessa gashuun barbaachisaa ta'uu isaa beekuudhaan, tarsiimoo fi sagantaalee “HIV/AIDS” biyyaa keessatti wal-unachuu isaanii mirkaneessu qabu. Fakkeenyaaf, manni maree “AIDS” biyyaa, bakka buutota miindessitootaa, hojjettootaa, namoota “HIV/AIDS” wajjin jiraatani fi ministeera dhimma hojii fi hawaasaa ammachuu isaa mirkaneessuudhan ta'uu dandaha.
- (b) *Hirmaannaa damee adda-addaa:* Abbootiin taa'itaa dandeettii qaban, dhukkuba kana dhaabuu fi ittisuuf bal'inaan socho'uu fi deeggaruu qabu. Kunis, harki-caalaan qooda-fudhattoota addunyaa hojii akka keessatti hirmaataniif; dhaabbilee mootummaa, dameewwan dhuunfaa, jaarmiyaalee miindessitootaa fi hojjettootaa, fi dameewwan dhimmi ilaalu hundaa qabachuu qaba.
- (c) *Qindeessuu:* Mootummaan; addunyaa hojii keessatti hirmaannaa gosa hundaa gochuuf, haala hojjechiisuu danda'u uumuu fi miiltolee hawaasaa fi qaamota biroo hirmaannaa gochaa jiran humneessuuf, sadarkaa guutuu biyyaatti haala mijjeesuu fi qindeessuu qaba. Qindeessuun kunis, tarkaanfii sanaan dura fudhatamanii fi tajaajila gargaarsaa jiran irratti ijaaramuu qaba.
- (d) *Ittisuu fi fayyaa dagaagsuu:* Abbootiin taa'itaa dhimmi ilaalu, kaka'umsa fudhachuudhaan, miiltolee hawaasaa wajjin, waa'ee sagantaalee quba-qabsiisuu fi ittisuu irratti hojjechuu qabu, keessumaayyuu bakka hojiitti.
- (e) *Qajeelfama tajaajila fayyaa:* Biyyoota miindessitootni hojjeettootaaf tajaajila fayyaa kallattiidhaan kennuuf itti gaafatama qaban keessatti, mootummaan, gama kunuunsaa fi dhimma wal'aansa “HIV/AIDS” irratti, qajeelfama kennuudhaan miindessitoota gargaaruu qaba. Qajeelfamni kunis tajaajila amma jiru hubachuu qaba.

- (f) *Eegumsa hawaasaa*: Mootummootni, faayidootni haala seeraa fi heera biyyaa sanaatiin hojjettoota dhukkuba cimaa biraatiin qabamaniif kennaman, otoo wal-caalteen hin-jiraatiin, hojjettoota “HIV/AIDS”n qabamaniifis kennamuu isaanii mirkaneessuu qabu. Sagantaalee wabii hawaasaa qopheessuu fi raawwachuu irratti, mootummotni, umamaan nafa-tamsa’inaa fi jijjiiramuu dhukkuba kanaa qalbeeffatanii, sochii/gargaarsa, faayidaa fi yaalii haala kanaan qindeessuu fi kennuu qabu.
- (g) *Qo’annoo*: Karoora “AIDS” biyyoolessaa wajjin wal-unachuu irra gahuuf, miiltolee hawaasaa kakaasuuf, miidhaa dhibeen kun bakka hojii irraan gahu qorachuuf, sirna wabii hawaasaa fi dinagdee biyyaa fi akkaataa itti miidhaa dhibeen kun hawaasaa fi dinagdee irraan gahu salphatu karooruuf, abbooleen taa’itaa dhimmi ilaalu, tilmaama baay’ina uummataa, qorannoo mul’inaa fi babal’ina dhukkuba kanaa fi qorannoo waa’ee hojii ciccimoo gama kanaan raawwatamanii jajjabeessuu, deeggeruu, raawwachuu fi firii argame maxxansiisuu qabu. Mootummootni, akka kun fiixaan baahuuf, gama jaarmiyaa fi to’annaatiin gargaaruuf tattaafachuu qabu. Qorannoon kunis, ragaalee miindessitootaa fi waldaa isaanii fi hojjettootaa fi waldaa isaanii biraa argamanitti fayyadamuudhaan xiinxala xiyyeeffannoo dhimma koorinyaa dabalatu ta’uu qaba. Funaansi ragaas, hamma gochuun dandahamutti, dameewwan irratti xiyyeeffachuu fi saalaa, sanyii, akkeeka saalaa, umurii, akkaataa fi sadarkaa hojjiitiin kan qoodame ta’ee, haala aadaa kabajuun raawwatamuu qaba. Bakka dandahamutti, hubannoon dhiibbaa dhibee kanaa yeroo hundaa gaggeeffamuu qaba.
- (h) *Maallaqa barbaaduu*: Bakka dandahamutti, mootummootni, miiltoleen hawaasaa fi warra qooda fudhatan kan biraa wajjin ta’uudhaan, maallaqa “HIV/AIDS”f barbaachisu [karoora biyyaa “HIV/AIDS” irratti jiru, bakka barbaachisetti, sirna wabii hawaasaaf] tilmaamanii, maallaqa biyya keessaa fi alaa irra walitti qabuu qabu.
- (i) *Seerummaa*: Qoobsuu bakka hojii hambisuu fi ittisaa fi eegumsa hawaasaa dhugoomsuuf, mootummootni, miltoolee hawaasaa fi ogeessota “HIV/AIDS” wajjin wal-marihachuudhaan, sirna to’annaa barbaachisaa ta’e kennuu fi bakka barbaadametti, seera hojii fi kan biraa haaromsuu qabu.
- (j) *Haala deeggersa mootummaa*: Mootummootni, dhaabbilee biyya keessaas ta’e biyya alaa maallaqa akka hojii ittiin jalqabaniif ta’e isaan cimsuuf/hamileessuuf yommaa kennaniif, warri maallaqa kana fudhatan seera biyyaa akka kabajan itti himuu qabu. Akkasumas, qajeelfama kana imaammataa fi danbiilee akka qajeelfamni kun jiraatu gargaaran akka fudhatan jajjabeessuu qabu.
- (k) *Hojii irra oolchuu*: Dhaabbileen taa’itaa qaban, miindessitootaa fi hojjettootaaf, dhimmoota akkaataa itti heeraa fi qajeelfama “HIV/AIDS” fi addunyaa hojii wajjin wal-qabatani jiran hojii irra oolchan irratti odeeffannoo ogummaa fi gorsa kennuu qabu. Caasaa fi adeemsa hojii irra ittiin oolfaman, kan akka to’annaa hojii fi dhadacha hojii jajjabeessuus qabu.
- (l) *Hojjettoota hojii dhaabbataa hin taanee keessa jiran (damee dhaabbataa hin-ta’iin jedhamaniis beekamu)*: Mootummootni, sagantaalee ittisa “HIV/AIDS” isaanii, galii

uumuu fi eegumsa hawaasaa dabalatee, gara hojjettoota akkasiitti diddiriirsuu fi akka hojii irra oolan gochuu qabu. Akkasumas, mootummootni, bakka barbaachisaa ta'etti, hawaasa naannootti gargaaramuudhaan, adeemsa haaraa uumuu fi qiyyaafachuu qabu.

- (m) *Salphisuu*. Mootummootni, karaa sagantaalee fayyaa uummataa, sirna wabii hawaasaa fi/ykn kaka'umsa mootummaa kan birootiin, kunuunsuu fi gargaarsa babal'isuu qabu. Akkasumas, mootummootni, argachuu wal'aansaa dhugoomsuu fi, bakka barbaachisaa ta'etti, dhaabbilee miindessitootaa fi hojjettootaa wajjin miiltummaadhaan hojjechuuf tattaafachuu qabu.
- (n) *Daa'immani fi dargaggoota*: Sagantaalee hojiitti bobbahuu ijoollee hambisan keessatti, mootummootni, dhiibbaa dhibeen kun daa'immani fi dargaggota haadha fi/ykn abbaan issaanii "HIV/AIDS"n kan ka'e irraa du'an irraan gahuuf ilaalchi kennamuu isaa dhugoomsuu qabu.
- (o) *Wal-deeggersa sadarkaa naannoo fi addunyaa*: Mootummootni, karaa dhaabbilee mootummota gidduu jirani fi karaa qooda-fudhattoota hundumaatiin, waligaltee sadarkaa naannoo fi addunyaa babal'isuu fi deeggaruu qabu. Kunis, qalbii addunyaa gara "HIV/AIDS" fi gara fedhiwwan addunyaa hojii kana wajjin wal-qabataniitti qajeelchuuf gargaara.
- (p) *Gargaarsa Addunyaa*: Mootummootni, yeroo mijjaa'aa ta'e, sagantaalee biyya keessaa deeggaruuf, gargaarsa biyyoota kaanii mijjeessuu qabu. Wixinoota duula waliigalaa gatii qoricha dhukkuba "HIV/AIDS" salphisu (*antiretroviral*) fi bakka barbaadametti akka argamu gochu irratti aggaamamani jajjabeessuu qabu.
- (q) *Gadadummaa*: Mootummootni garee hojjettootaa warra dhukkuba kanaan qabamuuf saaxilbahan addaan fohuu fi tarsii moo dhimmoota isaan saxilbaasan dandamachuun itti dandahamu irratti tarkaanfii fudhachuu qabu. Akkasumas, mootummootni, sagantaaleen ittisaa gahaa ta'an akka hojjettoota kanaaf jiraataniif tattaafachuu qabu.

## **5.2 Miindessitoota fi Jaarmiyaalee isaanii**

- (a) *Imaammata bakka hojii*: Miindessitootni; imaammata gaarii bakka hojii isaaniif ta'u qopheessuuf akkaataa tamsa'ina dhukkuba kanaa itti ittisan karoorsuu fi hojjettoota hundaa qoobsuu "HIV/AIDS" wajjin wal-qabate irraa eeguuf, hojjettoota wajjin mari'achuu qabu. Qabxiileen akkaataa imaammata bakka hojii ittiin karooraniif fi hojii irra ooshan Maxxantuu III keessa jira.
- (b) *Waliigalteewwan biyyaa, damee fi bakka hojii*: Miindessitootni, gama marii waliigaltee miindessuu fi waa'ee "HIV/AIDS"tiin, seeraa fi adeemsa biyyaa kabajuuf, hojjettootaa fi bakka-buutota isaanii wajjin mari'achuu qabu. Akkasumas, waa'ee dhimmoota ittisa "HIV/AIDS" waliigaltee biyyaa, damee fi bakka hojii/jaarmiyaa keessa gashuuf tattaafachuu qabu.

- (c) *Barumsaa fi leenjii*: Miindessitootni fi jaarmiyaan isaanii, hojjettootaa fi bakka-buutota isaanii wajjin mari'achuudhan, waa'ee ittisa, kunuunsaa fi gargaarsa "HIV/AIDS" fi waa'ee imaammata dhaabichi "HIV/AIDS" irratti qabu hojjettoota quba-qabsiisuu/hubachiisuu, barsiisuu fi leenjisuuf sagantaalee bakka hojii isaaniitti ummuu fi deeggaruu qabu. Kunis tarkaanfii qoobsii namoota "HIV/AIDS" tiin qabamani ykn miidhaman irra gahu xiqqeessuu fi waa'ee faayidaa fi mirga hojjettootaa dabalata.
- (d) *Miidhaa dinagdee*: Miindessitootni, hojjettootni fi waldaaleen isaanii, tarsiimoo mijjaahaa qopheessanii, miidha dinagdee "HIV/AIDSn" bakka hojii fi damee isaanii irraan gahu qoratani haala quubsaa ta'een deebii kennuuf wal-wajjin hojjechuu qabu.
- (e) *Imaammata bulchiinsa hojjettootaa*: Miindessitootni, imaammata hojjettootaa ykn adeemsa hojjettoota "HIV/AIDS"n qabaman ykn waliin jiraatan qoobsu hojii irra ooshuu ykn akka hojii irra oolu hayyamuu hin-qaban. Keessumaa, warra kanaa gadii hubachuu qabu.
- Qajeelfama kana (kutaa 8) keessatti kan ibsameen alatti, calallii keessa waa'ee "HIV/AIDS" gashuu hin qaban.
  - Hojiin qoodinsaa ykn handaarsuu/alabaasuu haala HIV beekame ykn shakkame irratti hundaahen ala bilisaan akka raawwatamu dhugoomsuu qabu.
  - Namootni dhukkuboota "HIV" fi "AIDSn" wal-qabataniin qabaman, hamma gama fayyaatiin hojii isaanii ta'u hojjechuu danda'anitti, akka hojjetan jajjabeessu qabu.
  - Yommaa hojjetaan dhibee "AIDS"n wal-qabateen baay'ee dhukkubsatee hojii itti-fufuu dadhabuu fi yommaa haalli hojiin kan biraa, boqonnaa dhukkubaa yeroo dheeraa dabalatee, ijjibaatamu, akkaataa seera hojii loogiin ala ta'ee fi adeemsa waliigalaa fi faayidaa guutuudhaan, walitti-dhufeenyi hojii dhaabachuu ni dandaha.
- (f) *Komii fi adeemsa naamusaa*: Miindessitootni, adeemsa hojjettootni fi bakka-buutotni isaanii dhimma komii hojii wajjin wal-qabateef itti gargaaraman qabaachuu qabu. Adeemsi kunis, hojjetaa kamiyyuu haala "HIV/AIDSn" qabame ykn shakkame irratti hundaa'ee loogii uumee fi imaammata "HIV/AIDS" iddoo hojii dabse irratti haala attamii keessatti tartiibni adabbii akka eegalamuu dandahuu mul'isuu qaba.
- (g) *Iccitii eeguu*: Ragaaleen hojjettootaa "HIV/AIDS" wajjin wal-qabatu of-eeggannoo cimaatiin eegamuu qaba. Innis, kuusaa ragaa dhimma fayyaa keessa qofaa kaahamee ragaa kana ilaaluun haala Gorsa Tajaajila Fayyaa Hojii, 1985 (lakkoofsa. 171) fi seeraa fi raawwii biyyaa jiruun raawwatamuu qaba. Ragaa kana ilaalu kan danda'ani hojjettoota fayyaa qofaa ta'anii, ragaan kun yoo seeraan barbaadame ykn namichi dhimmi ilaalu yoo ayyame qofaa ifa bahuu ni dandaha.
- (h) *Balaa xiqqeessuu fi to'achuu*: Miindessitootni, Of-eeggannoo Waliigalaa (Univeral Precautions) hojii irra ooshuudhaan, dhiheessuu fi suphuu meeshaalee balaa dhowwuuf kan gargaarsi duraa ittiin kannamu dabalatee, bakkii fi haalli hojii nagaa fi qulqullina qabu jiraachuu isaa mirkaneessuu qabu. Jijjiirraa amalaa namootaa fiduu



gargaaruuf, bakka mijjaa'aa ta'etti, miindessitootni; kondomii dhiiraa fi dubartii, gorsa, kunuunsa, deeggarsa fi gara tajaajila fayyaa ol-annutti darbuu dhiheessuu qabu. Yoo gitii fi gatiin issaa kan kana hin-dandeessisne ta'e, miindessitootnii fi/ykn waldaan isaanii, mootummaa ykn jaarmiyaa dhimmi ilaalu irraa gargaarsa barbaaduu qabu.

- (i) *Bakka hojii hojjetootni yeroo hundaa dhiigaa fi dkangala'aa qaama namaa wajjin wal-xuqan*: Bakka hojii akkasiitti: hojjetootni hunduu Of-eeggannoo Waliigalaa irratti leenji'uu isaanii; yoo hojii irratti rakkoon uumame, waa'ee adeemsa hordofamuu qabuu beekuu isaanii; fi Of-eeggannoon Waliigalaa yeroo hundaa kabajamuu isaa dhugoomsuuf, miindessitootni tarkaanfii dabalataa fudhachuu qabu. Tarkaanfii kanaafis haalli mijjaa'uu qaba.
- (j) *Simannaa fudhatamaa*: Miindessitootni, hojjetootaa fi baka-buutota isaanii wajjin mari'achuudaan, hojjetoota dhukkuba "AIDS" wajjin wal-qabate qabaniif haala mijjeessuuf tarkaanfii fudhachuu qabu. Kunis; yeroo hojii mijjeessu, meeshaa addaa irratti ramaduu, boqonnaa gaggabaabaa, beellama mana yaalaaf hayyama kennuu, hayyama dhukkubaa, hojii yeroo boqonnaa fi yeroo isaanii wayyu akka hojiitti deebi'an gochuu ni dabalata.
- (k) *Wal-kakaasuu/Iyya dabarsuu*: Yaada lammummaatiin, miindessitootni fi waldaaleen isaanii, bakka barbaachisaa ta'etti, miindessitoota warra kaan, ittisaa fi ooggana "HIV/AIDS" bakka hojiif akka tumsan jajjabeessuu qabu. Akkasumas, mootummaan tamsa'ina "HIV/AIDS" dhaabuu fi miidhaa isaas salphisuuf tarkaanfii barbaachisu hundaa akka fudhatu jajjabeessuu qabu. Miiltoleen kaan, fakkeenyaaf, mana maree "HIV/AIDS" waldaa isaanii dhaabuudhaan dhimma kana deeggaruu ni dandahu.
- (l) *Gargaarsa dhoksaatti fedhiidhaan "HIV" qoramuu fi gorsamuu*. Miindessitootni, hojjetootni fi waldaaleen isaanii: dhoksaadhaan fedhiidaan sakkatta'amu, gorsa ogeessa fayyaa dandeettii qabuun kennamuun gargaaramuu fi tajaajilli kunis akka jiraatu jajjabeessuu qabu.
- (m) *Hojjetoota hojii dhaabbataa hin taanee keessa jiran (damee dhaabbataa hin-ta'iin jedhamaniis beekamu)*: Miindessitootni hojjetoota hojii dhaabbataa hin-taanee hojjetanii, haala isaa qoratan, bakka barbaachisaa ta'etti, hojjetoota kanaaf sagantaa ittisaa fi kunuunsaa uumuu qabu.
- (n) *Miiltooma guutuu-addunyaa*: Miindessitootni fi waldaaleen isaanii, bakka barbaachisaa ta'etti, miiltooma guutuu addunyaa "HIV/AIDS" irratti qabsaahuu keessatti hirmaachuu qabu.

### 5.3 Hojjetotaa fi waldaalee isaanii

- (a) *Imaammata bakka hojii*: Hojjettootnii fi bakka-buutotni isaanii, akkaataa raawwii imaammata bakka hojii tatamsa'ina dhibee kanaa ittisuuf karoorame fi hojjettoota hundaa qoobsuu "HIV/AIDS" wajjin wal-qabate irraa eeguuf, miindessitoota isaanii wajjin mari'achuu qabu. Qabxiileen akkaataa imaammata bakka hojii karoorarii fi hojii irra ooshan Maxxantuu III keessa jira.
- (b) *Waliigalteewwan biyyoolessaa dame fi bakka hojii dhaabbilee*: Hojjettootnii fi waldaaleen isaanii, gama marii waliigaltee miindessuu fi waa'ee "HIV/AIDS", seeraa fi adeemsa biyyaa kabajuu fi hojjetotaa fi bakka-buutota isaanii wajjin mari'achuu qabu. Akkasumas, waa'ee ittisa "HIV/AIDS" waliigaltee biyyoolessaa, damee fi bakka hojii/jaarmiyaa keessa gashuu qabu.
- (c) *Odeeffannoo fi barumsa*: Hojjettootni fi waldaaleen isaanii caasaa waldaa hojjettootaa jiruu fi caasaa biraatiin gargaaramuudhaan, haala itti odeeffannoon dhimma "HIV/AIDS" bakka hojiitti kennamu mijjeessuu qabu. Akkasumas, meeshaalee barnootaa fi sochiilee hojjettootaa fi maatii isaaniif ta'an, waa'ee faayidaa fi mirga hojjettootaa dabalatee, odeeffannoo yeroo yerootiin qopheessuu qabu.
- (d) *Miidhaa dinagdee*: Hojjettootni fi waldaaleen isaanii, miindessitoota isaanii wajjin ta'uudhaan, tarsii moo mijjaahaa qopheessanii, miidhaa dinagdee "HIV/AIDS" bakka hojii fi damee isaanii irraan gahu qoratani haala quubsaa ta'een deebii kennuuf wal-wajjin hojjechuu qabu.
- (e) *Wal-kakaasuu/Iyya dabarsuu*: Hojjettootni fi waldaaleen isaanii, waa'ee quba-qabannoo "HIV/AIDS" fi bulchiinsa isaa babal'isuuf, miindessitoota fi waldaalee isaanii fi mootummaa wajjin hojjechuu qabu.
- (f) *Imaammata bulchiinsa hojjettoota*: Hojjettootni fi bakka-buutotni isaanii, imaammata bulchiinsa hojjettootaa isa hojjettoota "HIV/AIDS" waliin jiraatan hin-qoobsine qopheessuu fi hojii irratti miindessitoota gargaaruu fi jajjabeessuu qabu.
- (g) *Komii to'achuu*: Bakka-buutotni hojjettootaa, rakkoolee bakka hojiitti uumamanii komatamani fi adeemsa naamusaa irratti dubbachuuf, fi/ykn qoobsii "HIV/AIDS" irratti hundaa'ee qaama seeraa dhimmi ilaalutti gabaasuuf, mirga qabu.
- (h) *Leenjii*: Waldaaleen hojjettootaa, hojjettoota isaan bakka buufateef: dhimmoota bakka hojii dhukkuba kanaan wal-qabatani ka'an; waa'ee deebii kennamuu qabuu fi waa'ee fedhii waliigalaa namoota "HIV/AIDS" qabamani fi wajjin jiraatan irratti leenjii qopheessanii hojii irra ooshuu qabu.
- (i) *Balaa xiqqeessuu fi to'achuu*: Hojjettootni fi waldaaleen isaanii, haalli hojii nagaa fi qulqulluu ta'e akka jiraatuuf jajjabeessuuf miindessitoota isaanii wajjin waliita'uu qabu. Kunis meeshaalee ittisaa balaa fi gargaarsa duraa sirrii ta'an qopheessuu fi

suphuu dabalata. Hojjettootni fi waldaaleen isaanii, saaxilbahina haala hojii qoratani, akka barbaachisaa ta'etti, sagantaa mijjaahaa hojjettootaaf qopheessuu qabu.

- (j) *Icciiiti eeguu*: Hojjettootni, kuusaa dhuunfaa fi dhimma fayyaa isaanii ilaaluuf mirga ni qabu. Waldaaleen hojjettootaa, ragaalee bulchiinsa hojjettootaa waa'ee haala "HIV" hojjettootaa ibsu argachuu hin-qabani. Dhimmoota hundaafuu, yommaa itti-gaafatamummaani fi dhimmootni gurmuu hojjettootaa raawwataman, haala Gorsa Tajaajila Fayyaa Hojii, 1985 (lakkoofsa 171) keessatti keennameen, seerri icciiiti fi fedhiin nama dhimmi ilaalu hojii irra ooluu qaba.
- (k) *Hojjettoota hojii dhaabbataa hin taanee keessa jiran (damee dhaabbataa hin-ta'iin jedhamaniis beekamu)*: Hojjettootni fi waldaaleen isaanii, qooda-fudhattoota warra kaan wajjin ta'uudhaan, sochii isaanii gara gama hojjettoota kanaatti diriirsuu qabu. Akkasumas, bakka barbaachisaa ta'etti, sochii haaraa kan tamsa'ina "HIV/AIDS" ittisuu fi miidhaa isaa xiqqeessu gargaaruu qabu.
- (l) *Gadadummaa*. Hojjettootni fi bakka buutotni isaanii waa'een dhimmoota hojjettootaa balaa dhibee kanaan qabamuuf saaxilaman hubatamuu isaa dhugoomsuu qabu.
- (m) *Gargaarsa dhoksaadhaan fedhiidhaan "HIV" qoratamuu fi gorsamuu*: Hojjettootni fi waldaaleen isaanii, miindessitoota wajjin ta'uudhaan, dhoksaatti fedhiidhaan akka sakatta'amani fi gorsaman jajjabeessuu fi gargaaruu qabu.
- (n) *Miiltooma guutuu-addunyaa*: Waldaaleen hojjettootaa, waa'ee "HIV/AIDS" fi addunyaa hojii duula mirga hojjettootaa keessa gashuuf, gareewwan damee, naannoo fi addunyaatti gargaaramuudhaan, gamtummaa daangaa biyyootaa cehu uumuu qabu.

## **6. Ittisa karaa odeeffannoo fi barumsaa**

Sagantaaleen odeeffannoo fi barumsi bakka hojii, tamsa'ina dhibee kanaa faccisuuif obsaa fi jabina hojjettoota "HIV/AIDS" wajjin jiraatan gargaaruuf murteessaadha. Barumsi bu'aa qabeessi, beekumsa hojjettootaa cimsee "HIV" tiin qabamuu irraa akka of-eegan gargaaruu ni dandaha. Akkasumas: gaddaa fi handaarsuu "HIV" tiin wal-qabatani jiran baay'ee hir'isa; shororkaa bakka hojii xiqqeessa; jijjiirraa ilaalchaa fi amalaa fiduu ni dandaha. Sagantaaleen, marii mootummaa, miindessitootaa fi hojjettootaa fi bakka-bu'oota isaaniitiin diriiruu qabu. Kunis kan ta'u, deeggersa cimaa fi qooda fudhanno warra dhimmi ilaalu guutuutti mirkaneessuuf. Odeeffannoo fi barumsi gosa adda addaatiin kennamuu qabu. Ergaa barreeffame qofaa otoo hin abdatiin, bakka barbaachisetti, barumsa fagootti gargaaramuun ni dandahama. Sagantaaleen; umurii, koorniyaa, saalaa, damee hojii, amala hojjettootaa fi aadaa jiru wajjin karorsamuu fi wal-simuu qabu. Akkasumas, namoota kabajamoo fi amanamootiin gaggeeffamuu qabu. Keessumaayyuu, akkuma qooda fudhannoon namoota "HIV/AIDS" wajjin jiraatan diriirsuu fi raawwii sagantaalee keessatti qabu, barumsi hiriyyootaan kennamu bu'aa qabeessa akka ta'e mirkanaaheera.

## 6.1 Odeeffannoo fi duula quba-qabsiisuu

- (a) Sagantaaleen odeeffannoo, bakka dandahametti, duula "HIV/AIDS" irratti; hawaasa, damee, naannoo ykn biyya keessatti godhamu wajjin walitti dhufuu qaba. Sagantaaleen kun odeeffannoo sirrii fi haaraa irratti hundahu qabu. Odeeffaannoon akkasiis: akkaataatti "HIV"n daddarbuu fi hin dabarre; waa'ee hamii "HIV/AIDS" ilaalchisee tamsa'uu cabsuuf; attamitti "HIV/AIDS" ittisuun akka dandahamu; dhibee kana ilaalchisee gama qorichaan waanta jiru; dhiibbaa "AIDS"n namoota irraan gahu; fi gargaarasa, deeggarsa fi wal'aansaaf carraa jiru qabaachuu qabu.
- (b) Hamma gochuu dandahamutti, sagantaaleen odeeffannoo, leenjii fi duulotni: imaammataa fi sagntaalee barumsaa fi humna namaa; nageenya bakka hojii fi fayyaa; fi tarsiimoo loogii hambisuu wajjin wal-simuu qabu.

## 6.2 Sagantaalee barnootaa

- (a) Tarsiimoon barnootaa, wal-marii miindessitootaa fi hojjettota fi bakka-buutota isaanii gidduutti ta'u irratti hundaa'uu qaba. Akkasumas, yommaa ta'uu qabu, mootummaa fi warra kaan warra qooda fudhachuu qaban, oggummaa waa'ee barumsa "HIV/AIDS", gorsaa fi kunuunsuu irratti hundaaha. Haalli itti gargaaramanis, hamma dandahametti, mariisaa fi hirmaachisaa ta'uu qaba.
- (b) Sagantaalee barumsaa yeroo hojii gaggeeffamanii fi qophii meeshaalee barnootaa hojjeettootni bakka hojiin alatti itti fayyadamaniif ilaalchi godhamuu qaba. Bakka itti barumsi kennamutti, barumsa irratti hirmaachuun akka hojiitti lakkaawamuu qaba.
- (c) Bakka hojii irra ooluu fi barbaachisaa ta'etti, sagantaaleen warra kanaan gadii qabaachuu qabu:
- Sochiilee akka namootni balaa matayyaa (akka namoota dhuunfaa fi akka miseensota gareetti) isaan mudatu hubatani fi balaa kanas karaa ogummoota kan akka murtii kennuu, wal-marihachuu fi beekumsa wal-quunnamtiitiin; akkasumas, karaa sagantaalee barnootaa, gorsaa fi ittisaa akka gad xiqqeessan isaan gargaaran dabalachuu;
  - Amaloota balaa guddaatiif saaxilamani fi dhimmoota balaa kaan kan akka hojii dirree wajjin wal-qabatee hojjettota hamma ta'an guddaatti balaa "HIV" f saaxilan irratti hubannoo addaa gochuu;
  - Odeeffannoo akka "HIV"n karaa limmee qorichaa diruutiin daddarbuu fi odeeffannoo akkaataa itti balaa daddarbuu kana xiqqeessuun dandahamu kennuu;
  - Mootummaa, miindessitootaa fi waldaalee hojjettootaa biyyoota ollaa fi sadarkaa naannoo gidduutti wal-marii babal'isuu;

- Waldaa hojjettotaa wajjin wal-ta'uudhaan, sagantaalee leenjii ogummaa mootummaa fi dhaabbilee kaaniin gaggeeffaman keessatti waa'ee "HIV/AIDS" barsiisuu;
- Duula hojjettoota dargaggoo fi dubartoota irratti xiyyeeffate babal'isuu;
- Waa'ee dubartootni "HIV" f saaxalamanii fi tarsiimoota ittisaa saaxilamuu kana xiqqeessan irratti hubannoo addaa kennuu (kutaa 6.3 ilaali);
- Akka "HIV" n wal-xuquudhaan hin daddabarre ciminaan himamuu qaba. Namootni "HIV" waliin jiraatan fohamuu fi handaarfamuu hin qaban, bakka hojiittis gargaaramuu fi fudhatamuu qabu;
- Waa'een vayiresiin kun yeroodhaa yerootti nama miidhaa fi humna fuudhaa adeemuu fi hojjettootni hundinuu hojjettoota "HIV/AIDS" waliin jiran akka ija jaalala/gara-laafina fi loogii malee ilaalan ibsamuu qaba;
- Hojjettootni waa'ee "HIV/AIDS" kan isaanitti dhagahamuu fi waan godhan akka himanii fi akka marihatan carraan kennamuufii qaba;
- Akkaataan Of-eeggannoo Waliigalaatti gargaaramanii fi yoo saaxilamanis maal-maal gochuun akka qabamu hojjettootatti himamuu qaba;
- Waa'ee ittisaa fi wal'aansa dhukkuboota wal-quunnamtii saalaan daddarbanii fi dhukkuba sombaa (qakkee) barumsi kennamuu qaba. Kunis kan ta'uu qabu, balaa "HIV" waliin waan wal-qabatuuf qofa otoo hin ta'iin, dhibeewwan kun wal'aanamaniif fayyuu fi qarxii hojjettootaa fooyyessuun waan dandhamuufidha;
- Waa'ee qulqullinaa fi nyaata gaarii babal'isuu;
- Waa'een wal-quunnamtii saalaa of-eeggannoo qabuu fi gorsa akkaataan itti kondomii dhiiraa fi dubartiitti gargaaraman babal'achuu qaba;
- Wal-barsiisuun hiriyyootaa fi barumsii idilee hin taane jajjabaachuu qaba;
- Bakka barbaachisutti, hordoffii, to'annoo, xiinxallii fi fooyyessuun/haaromsuun yeroo hunda haa jiraatu.

### **6.3 Sagantaalee koorniyaa irratti xiyyeeffatan**

- (a) Sagantaaleen hundi, koorniyaa irratti akkasumas saalaa fi sanyii irratti hubannoo qabaachuu qabu. Kunis, dhiiraa fi dubartii lamaanuu ifatti calaluu. Yookiin, sadarkaa fi gosti balaa dhukkuba kanaa hojjettoota dhiiraa fi dubartootaaf adda adda akka ta'e hubachuudhaan, dhiiraaf ykn dubartootaaf sagantaalee adda addaa qopheessuu.

- (b) Odeeffannoon dubartootaaf kennamu, balaa kanaan qabamuun isaan irraatti akka cimaa ta'e isaan akeekkachiisuu fi isaanii ibsuu qaba. Keessumaayyuu, hubaatii cimaan shamarraawwan irra waan gahuuf xiyyeeffannaa addaa kennamuu qaba.
- (c) Barumsi, saalaa lamaanuu, aangoon walitti dhufeenyaa wal-qixxee ta'a gama miindeffamuutiinii fi jireenya dhuunfaatiin dhiiraa fi dubartoota gidduu akka hin jirre akka hubatan isaan gargaaruu qaba. Akkasumas, cunqursaa fi goolii uumuun haala adda ta'een ilaalamuu qabu.
- (d) Sagantaaleen, dubartootni akka mirga isaanii hubatan gargaaruu qabu. Kunis, bakka hojii fi isaan alattidha. Akka of-eeganis isaan aangomsuu qaba.
- (e) Barumsi dhiiraaf kennamu, quba-qabsiisuu, balaa qorachuu fi tarsiiimoo itti-gaafatmummaa dhiiraa gama ittisa "HIV/AIDS"tiin jiru dabalachuu qaba.
- (f) Dhiirota wal-quunnamtii saalaa waliin raawwatan (wal-gudeedan) fi bakka-buutota isaanii wajjin ta'uudhaan, sagantaan ittisaa addaa kallattiidhaan qophaahuu qaba.

#### **6.4 Walitti-dhufeenya sagantaalee babal'ina fayyaa wajjinii**

Bakka dandahamutti, sagantaaleen barnootaa, sagantaalee babal'ina fayyaa warra bakka hojiitti gaggeeffaman kan akka dhimmoota hormaata maatii wajjin wal-qabachuu qabu. Manni maree ykn koreen fayyaa fi nageenyaa jiran, duula waa'ee "HIV/AIDS" quba-qabsiisuu fi sagantaalee barmootaaf karaa banuu ni dandahu. Walitti-dhufeenyi kun, limmee faalameen diruu wajjin wal-qabatee balaa dabalataa daddarbina dhibee kanaan jiru ibsuu qaba. Akkasumas, dhugaatii fi waanta biraatiin machaahuun, amala dhukkuba kanaan qabamuuf nama saaxilu fiduu akka dandahu ibsuu qaba.

#### **6.5 Tarkaanfii qabatamoo jijjiirraa amalaa gargaaran**

- (a) Hojjetotni, waa'ee tarsiiimoo balaa gadi xiqqeessuu irratti, barumsa haala-hubataa, sirrii, fi waan-dihoo ta'e argachuu qabu. Akkasumas, bakka barbaachisaa ta'etti, kondomiin dhiiraa fi dubartii dhihaachuu qabu.
- (b) Faalamuu karaa wal-quunnamtii saalaa daddarbuu fi dhukkuba sombaa irratti qoranna, yaalii fi to'annaan bu'a-qabeessii yerootiin ta'uu qaba. Akkasumas, bakka ta'uu qabutti, sagantaan limmee affeelamee fi siriingaa wal-jijjiiru jiraachuu qaba, ykn eessaa argachuu akka dandahamu odeeffannoon jiraachuu qaba.
- (c) Hojjetoota dubartootaa hanqina maallaqaa qabaniif, barumsi, tarsiiimoo deeggersa galii xixiqqaa dabalachuu qaba. Fakkeenyaaf, odeeffannoo waa'ee hojiiwwan galii maddisiisani, ashuraa irraa bilisoomuu, deeggersa humnaa kennuufaa.

## **6.6 Sagantaalee tajaajila alaa hawaasaa**

Miindessitootni, hojjetotni fi bakka-buutotni isaanii, hawaasa naannoo [keessumaayyuu mana barumsaa] keessatti, ittisa fi to'annaa "HIV/AIDS" irratti, sagantaalee odeeffannoo fi barumsaa jajjabeessuu fi babal'isu qabu. Namootaaf carraa yaada isaanii ibsachuu kennuuf fohuu fi handaarsuu hambisanii faayidaa hojjetoota "HIV/AIDS" waliin jiran cimsuuf, tajaajila alaa keessatti qooda fudhannoon jajjabaachuu qaba. Sagantaaleen akkasii, miiltommaa qaamota naannoo ykn biyyaa kennata qabaniin raawwatamuu qabu.

## **7. Leenjii**

Leenjiin, garee adda addaa leenji'aa jiran kan akka: ooggantootaa, to'attootaa fi hojjetoota dhimma bulchiinsa hojjetaa; warra lenjistoota lenjisan (dhiira fi dubartii); barsiistota hiriyyaa; hojjetoota fayyaa fi nagaa hojii; fi to'attoota warshaa/hojii xiyyeeffachuu fi haala kanaanis sirraahuu qaba. Baasii xiqqeessuuf, mallii fi karaan adda addaa yaadamuu qaba. Fakkeenyaaf, sagantaa "AIDS" biyyaa ykn qooda-fudhatoota kan biraa irraa haala barsiistota ergiffachuu ykn barsiistota akka isaanii leenjisan gochuudhan gargaarsa argachuu dandahu. Meeshaaleen leenjii, qabeenya jiru irraa ka'ee bal'inaan adda adda ta'uu ni dandahu. Garuu, haala naannoo fi haala dhiiraa fi dubartii hubachuudhaan sirraahuu ni dandahu. Leenjistootni, akkaataa of-tuulummaa sabootaa fi garee xixiqqoo irratti godhamu hambisuu irratti leenjii argachuu qabu, keessumaayyuu gosaa fi filannoo saalaatiin kan wal-qabateen. Leenjistootni, gabaasa qorannoo addaa fi meeshaalee muuxannoon irraa maddutti fayyadamuu qabu. Leenjistootni gaariin hojjetoota ofiitti, wal-barsiisuun hiriyyootaas [namoota wal-wajjin hojjetan] sadarkaa hundummatti akka jiraatu ni gorsama. Kunis, leenjiin, qaama karoora waggaa bakka hojii ta'uu fi bakka buutota hojjetootaa wajjin wal-mari'achuudhaan qophaahuu qaba.

### **7.1 Leenjii ooggantootaa, to'attootaa fi hojjetoota bulchiinsaa**

Sagantaalee odeeffannoo fi barumsaa hojjetoota hundaatti aggaammatan keessatti qooda fudhachuu wajjin, to'attootni fi ooggantootni, dhimmoota kanaa gadiif leenjii fudhachuu qabu.

- Waa'ee imaammata "HIV/AIDS" bakka hojii ibsuu fi gaaffii ka'aniif deebii kennuu isaan dandeessisuu;
- Waa'ee bakka hojiitti tamsa'ina "HIV/AIDS" ilaalshisee yaada dogoggoraa jiru akka hubatan hojjetoota warra kaan gargaaruuf oddeeffannoo gahaa akka qabaataniif;
- Hojjetootni "HIV/AIDS" wajjin jiraatan, filannoo haala hojii jiruu isaanii ibsuudhaan, hamma dandahanitti hojiitti akka fufan isaan dandeessisuuf;
- Amala, haala waltii-dhufeenyaa fi raawwii bakka hojii warra hojjetoota "HIV/AIDS" wajjin jiraatan qoobsan ykn handaarsan addaan baasanii akka to'ataniif;

- Waa'ee tajaajila fayyaa fi faayidaa hawaasaa jirani gorsa akka kennan isaan dandeessisuu;

## **7.2 Leenjii barsiisota hiriyaa**

Barsiisotni hiriyaa, dhimmoota kanaa gadii raawwachuuf, leenjii addaa fudhachuu qabu:

- waa'ee qabeenyaa fi mala "HIV/AIDS" ittiin ittisan beekumsa gahaa godhatanii, sagantaa odeeffannoo fi barumsaa hamma ta'e ykn guutuutti hojjetootaaf dhiheessuu akka dandahaniif;
- yommaa leenjii kennan, dhimmoota sanyii, filannoo saalaa, koorniyaa fi aadaa of-eeggannoo akka godkaniif;
- imaammata bakka hojii kan akka cunqursaa sal-quunnamtii ykn namoota hir'ina qaamaa qabani ilaalchsee jiran wajjin walitti dhufeenyaa fi wal-jijjiirraa muuxannoo akka uumaniif;
- miiltota waliin hojjetan, jireenya isaanii keessatti, dhimmoota balaa saaxilbahuutti isaan oofan akka addaan baafatan akka dandeessisanii; fi
- hojjetoota "HIV/AIDS" wajjin jiraatan akkaataa itti haala isaaniif addeemsa dhibee kanaa dandamatan barsiisuu akka dandahaniif.

## **7.3 Leenjii bakka-buutota hojjetootaa**

Bakka-buutotni hojjetootaa, yeroo hojiif isaanii kaffalamutti, dhimmoota kanaa gadii raawwachuuf leenji'uu qabu.

- Waa'ee imaamata "HIV/AIDS" bakka hojii ibsuu fi gaaffii ka'aniif deebii kennuu isaan dandeessisuuf;
- Sagantaalee barsiisa leenjistootaa keessatti, hojjetoota warra kaan akka leenjisan isaan dandeesisuuf;
- Amala, haala wal-quunnamitti fi raawwii dhuunfaa bakka hojii warra hojjetoota "HIV/AIDS" wajjin jiraatan qoobsan ykn handaarsan addaan baasani haala quubsaa ta'een akka faccifataniif;
- Yommaa kanaaf gaafataman, hojjetootni dhukkuboota "AIDS" wajjin wal-qabataniin dhukkubsatani akka haala gaariin qabaman isaan gargaaruu fi baaka isaanii bu'uuf;
- Hojjetootni, jireenya dhuunfaa isaanii keessaatti madda balaan qabamuu akka addaan baafatani fi xiqqeeffatan gorsuu akka dandahaniif;



- Waa'ee "HIV/AIDS" sirriitti baratani, akkaataa tamsa'ina "HIV/AIDS" hojjeetoota akka hubachiisaniif;
- Odeeffannoon waa'ee hojjeetootaa "HIV/AIDS" waliin jiraatani haala hojii bakka-bu'insaa isaanii wajjin wal-qabateen barani icciitiidhaan akka qabaniif.

#### **7.4 Leenjii hojjetoota fayyaa fi nageenyaa**

Sagantaalee odeeffannoo fi barumsaa hojjetoota hundaatti aggaammatani baruu wajjin, hojjetootni fayyaa fi nageenyaa, dhimmoota kanaa gadiif leenjii addaa fudhachuu qabu.

- waa'ee qabeenyaa fi mala "HIV/AIDS" ittiin ittisan beekumsa gahaa godhatanii, sagantaa odeeffannoo fi barumsaa hojjetootaaf dhiheessuu akka dandahaniif;
- hojjetoota, hubaatii "HIV/AIDS" f saaxilbahan xiqqeessuuf, akkaataa jijjiirama ykn fooyya'insa hojii addaan baasuu dandahan waan qorataniif;
- miindessitootni hojjetootaaf haala hojii qulqulluu fi nagaa, gargaarsa duraa nagaa dabalatee, yeroo hundaa uumuu isaanii mirkaneessuuf;
- odeeffaatnoon waa'ee "HIV/AIDS", yoo jiraateef, akkuma ragaa fayyaa warra kaan, icciitii cimaatiin qabamuu isaa fi haala qajeelfama raawwii DhHA eegumsa ragaa dhuunfaa hojjetootaa illalchisee jiruun qofa ifa-bahuu isaa dhugoomsuu;
- Hojjetoota, jireenya dhuunfaa isaanii keessaa madda balaan qabamuu akka addaan baafataniif fi xiqqeffatan gorsuu akka dandahaniif;
- Hojjetoota gara tajaajila fayyaa mana keessaa ykn warra bakka hojiin ala jiranitti fedhii isaanii haala gaheessaan guutuu dandahaniitti qajeeshuu akka dandahaniif.

#### **7.5 Leenjii to'attoota warshaa/hojii**

Abbaan taa'itaa dandeettii qabu, to'attootni warshaa fi hojii dirqama; to'annaa, raawwachisuu, fi gorsuu isaanii guuttachuuf haala gahaa ta'e akka qaban dhugoomsuu qaba, kessumaayyuu waa'ee ittisa "HIV/AIDS" ilaalchisee. Sadarkaa kana irra gahuufis, tarsiimoo ittisa fi eegumsa "HIV/AIDS" bakka hojii irratti leenjii addaa fudhachuu qabu. Leenjiin kunis warra kanaan gadii dabalachuu qaba:

- Odeeffannoo sadarkaa hojii walii-gala addunyaa barbaachisaa ta'e, keessumaa Waliigala Qoobsuu (Mindeessuu fi Hojii), 1958 (lakk. 111), fi seeraa fi heera biyyoolessaa;
- Attamitti hojjetootaa fi ooggantoota waa'ee "HIV/AIDS" quba-qabsiisuu/hubachiisuu akka dandahamu;

- Attamitti matadureewwan “HIV/AIDS” hojii nageenyaa isaanii idilee fi gorsa fayyaa fi leenjii bakka hojii keessa gashuu akka dandahan;
- Attamitti hojjettootni faayidaa jiru akka argatan akka gargaaran (kan akka attamitti unkaa faayidaa akka guutani) fi seera mirgaa kaanitti dhimma bahuu;
- Haala “HIV/ADS” wajjin walqabateen mirgoolee hojjettootaa dhiitaman, ykn hanqina raawwatinsaa qaban, attamitti akka addaan baasan;
- Qorannaa dhukkuba daddarbaa ykn jijjiirama hawaasummaa fi qajeelfama kana kan tumsu yoo ta’e, beekumsa funaansaa fi xiinxala ragaa dhimma HIV/AIDS iddoo hojiitiin walqabate.

## **7.6 Leenjii hojjettoota dhiiga namaa fi dhangala’aa qaamaa wajjin wal-xuqan**

Hojjettootni hundi, haala balaa bakka hojii fi gargaarsa duraatiin walqabateen, leenjii waa’ee adeemsa to’annaa faalamuu fudhachuu qabu. Sagantaaleen dhimma kanaa gadii irratti leenjii kennuu qabu:

- akkaataa itti gargaarsa duraa kennan;
- waa’ee Of-eeggannoo Waliigalaa farra dhiiga namaa fi dhangala’aa qaamaa kan biraa itti saaxilaman xiqqeessuu (Maxxantuu II ilaalaa);
- itti fayyadamina meeshaalee ittisaa;
- yommaa dhiiga namaa ykn dhangala’aa qaamaatti saaxilaman, adeemsa sirrii hordofamuu qabu;
- balaa hojii irratti nama quunnamuuf mirga beenyaa.

Haa-ta’u malee, off-eeggannoo kana fudhachuun haala “HIV” namootaa beekame ykn shakkame wajjin wal-qabachuu hin-qabu.

## **8. Qorannaa**

Haala qajeelfama kana keessatti ibsameen malee, qorannaan “HIV/AIDS” bakka hojiitti gaggeeffamuu hin-qabu. Kun, mirga namaa fi ulfina hojii waan miidhuuf, barbaachisaa miti. Argamni qorannoo ifa bahuu fi haala malees itti fayyadamuun ni dandahama. Akkasumas, hayyamni/waligalteen hojjettootaa yeroo hundumaa guutummaatti bilisa ta’uu hin-dandahu, ykn dhugaa fi haala argama kana wajjin dhufu guutummaatti hubachuudhaan hin-ta’u. Bakka hojiitii alatti yoo ta’eyyuu, icciitiidhaan “HIV”qorachuun, fedhii fi waliigaltee beekumsa irratti hundaa’een, nama sadarkaa barbaadameen leenji’een qofaa raawwatamuu qaba, kunuu akkaataa icciitii cimaa keessatti.

### **8.1 Miindessuu fi hojjechiisuu keessaa hambisuu**

Qorannoon “HIV”, hojjeetaa miindessuufis ta’e hojii keessa tursuuf barbaadamuu hin qabu. Qorannoon fayyaa yeroo hundaa ta’u kamiyyuu, kan akka qorannoo hojiif gaheessa ta’uu otoo hojii hin eegaliin ykn itti fufinsaan ta’u, qorannoo “HIV” dirqamaan ta’u dabalachuu hin qabu.

### **8.2 Dhimma inshuraansiif qorannoo hambisuu**

- (a) Qorannoon “HIV”; sirna wabii hawaasaa biyyoolessaa, imaammata inshuraansii waliigalaa, sirna hojii fi inshuraansii fayyaaf akka haala guutamuu qabutti gaafatamuu hin qabu.
- (b) Dhaabbileen inshuraansii otoo bakka hojii tokko inshuraansii hin gashiin dura, qorannoo “HIV” gaafachuu hin qaban. Baasii fi galii isaanii, raga dhimma fayyaa nama hundaaf jiru irratti hundaa’anii tilmaamuu ni dandahu.
- (c) Miindessitootni qorannoo dhimma inshuraansii wajjin wal-qabate mijjeessuu hin qaban, ragaan isaan of-harkaa qabanis icciitii tiin turuu qaba.

### **8.3 To’annaa dhimma fayyaa**

Otoo maqaa hin-himiinii fi nama wajjin otoo wal-hinqabatiin, dhimma fayyaa waliigalaaf, to’annaan ykn qorannoon “HIV” bakka hojiitti gaggeeffamuu qaba. Kunis kan ta’u, yoo qorannoon kun haala duudha naamusa qorannoo saayinsii, naamusa ogummaa fi eggiiitii mirga namaa fi icciitiitiin gaggeeffama ta’edha. Bakka qorannoon akkasii gaggeeffamutti, hojjetootnii fi miindessitootni waa’ee kanaa mari’achuu fi baruu qabu. Ragaan argamus, namoota ykn garee ta’e qoobsuuf itti fayyadamuu dhiisuu mala. Yoo argama isaa irraa waa’ee haala “HIV” nama tokkoo baruun dandahama ta’e, qorannoon kun maqaa namaa qabaachuu hin qabu.

### **8.4 Qorannoo fedhii**

Haalli itti hojjetootni kaka’umsa mataa isaaniitiin fi akka qooda sagantaa fedhiidhaan qoratamuutti, fedhiidhaan qaratamuun jiraachuu ni dandaha. Fedhiidhaan qoratamuun, bakka tajaajila hawaasaatti malee bakka hojiitti gaggeeffamuu hin-qabu. Bakka tajaajilli fayyaa gahaa ta’e jirutti, qorannoon fedhii, gaaffii fi waliigaltee barreeffamaa hojjetichaa fi, yoo barbaadame, gorsa bakka-buutota hojjetootaatiin ta’uu ni dandaha. Innis, hojjetaa haala mijjaa’aa ta’een leenjifameen, iciitii haala cimaatiin eeguudhaanii fi waadaa akka barbaadame galameen qofa ifa baasuutiin gaggeeffamuu ni qaba. Adeemsa qorannoo keessatti, gorsa koorniyaa xiyyeeffate qorannoo duraa fi boodaa kennuun iddoo cimaa qabaachuu qaba. Kunis, beekumsa waa’ee akkaataa fi barbaachisummaa qorannoo kanaa, faayidaa fi miidhaa qorannoo kanaa, akkasumas, dhiibbaa fi faayidaa argaminsa kun hojjetaa irratti qabu babal’isuuf gargaara.

## **8.5 Qorannoo fi wal'aansa hojii irratti saaxilbahuu boodaa**

- (a) Bakka balaa dhiiga namaa, dhangala'aa qaamaatii fi kkf saaxilbahuun jiruttii, balaa akkasii kana to'achuuf, bakki hojii, adeemsa barbaachisaa qabaachuu qaba.
- (b) Yoo hojjetaan bakka hojiitti waanta dhukkuba kanaan faalametti (dhiiga namaa, dhangala'aa qaamaa, kkf) saaxilbahe, hojjetaan kun: akkaataa itti dhimma kana dandamatu; gama fayyaatiin maal ta'uu akka dandahu; qorannoo "HIV" gaggeessuun barbaachisaa akka ta'e; saaxilbahuun boodas qorichi gargaaru jiraachuu isaa fi gara mana yaalaa ta'uu qabuutti darbu gorsamuu qaba. Akka argamni qorannoo murtaaheenis, dhimma mirga hojjetaa ilaalchisee, beenyaa argachuuf carraa jiruu fi adeemsa isaa irraatti hojjetaa kanaaf gorsi kennamuu qaba.

## **9. Kunuunsa fi gargaarsa**

Tokkummaa, kunuunsuu fi deeggersi qabxiilee murteessaa dhimma "HIV/AIDS" irratti hojjechuuf qajeelfama bakka hojii ta'uu qabanidha. Hojjetoota haala "HIV" isaanii ifa baasaniif; ifa ta'uu, fudhatamaa fi deeggersa jajjabeessuuf falli uumamuu qaba. Akkasumas, akka isaan hin-qoodamnee fi hin-handaarfamne dhugoomuu qaba. Dhiibbaa "HIV/AIDS" bakka hojii irraan gahu xiqqeessuuf, bakki hojii, hojjetoota "HIV/AIDS"n miidhamaniif gorsa fi gargaarsa hawaasaa gosa biroo kennuuf carraaquu qaba. Bakka tajaajilli kun hin jirretti, hojjetootni tajaajila akkanaa eessaa argachuu akka dandahan gorsamuu qabu. Walitti-dhufeenyi akkasii, bu'aa hojjetootaa irra darbanii, maatii isaanii, keessumaayyuu ijoollee isaanii qaqqabuu qaba. Miiltummaan mootummootaa, miindessitootaa, hojjetootaa fi waldaalee isaanii fi qooda fudhatoota warra kaan gidduutti uumamu, tajaajila gahaa ta'e kennuu fi baasii xiqqeessuuf ni gargaara.

### **9.1 Wal-fakii dhukkuboota ciccimoo gosa biraa wajjin**

- (a) "HIV"tiin qabamuunii fi dhukkubni "AIDS", bakka hojiitti, dhukkuboota haala ciccimoo gosa biraatii gaditti ilaalamuu fi to'atamuu hin qaban.
- (b) Hojjetootni "HIV/AIDS"n qabaman, gama faayidaa, beenyaa hojjetootaa fi haala hojiitiin, hojjetoota dhukkuba cimaa gosa biraan qabamaniin gaditti gargaaramuu hin qaban.
- (c) Hamma hojjetootni gama fayyaatiin hojiidhaaf geheessa ta'anitti, wabii hojii fi carraa jijjiiramuu fi sadarkaa guddinaa argachuu qabu.

## 9.2 Gorsa

- (a) Miindessitootni, hojjettoota “HIV/AIDS” wajjin jiran, beekumsaa fi deeggersa gorsaa dhaaba isaaniitii ala jirutti; yookiin, yoo gorsi ogummaa fi icciitii garee nageenyaa fi fayyaa bakka hojii isaanii ykn saagantaan bakka hojii isaanii garabiraan cimaa ta’e, akka itti gargaaraman jajjabeessuu qabu.
- (b) Kana raawwachiisuuf, miindessitootni tarkaanfii kanaan gadii fudhachuu qabu:
- Ogeessota, garee wal-gargaarsaa fi tajaajiloota hawaasaa ykn naannoo keessa jiranii fi warra gorsaa fi wal’aansa “HIV/AIDS” wajjin wal-qabatan irratti muuxannoo qaban addaan baafachuu;
  - Dhaabbilee hawaasaa warra fayyaa fi fayyaan alaa ta’ani fi warra hojjettoota “HIV/AIDS” wajjin jiran gargaaruu dandahan addaan baafachuu.
  - Akka hojjetichi hubannoo duraa fi yaaliif [yoo yaalamaa hin jiru ta’e] dooktera ykn nama kunuunsa fayyaa isaa/ishii kennu akka quunnamu/quunnamtu yaada kennuu. Yoo hojjetichi nama akkasii hinbeeku/hinbeektu ta’e, namni akkasii eessatti argamuu akka dandahu itti himuu.
- (c) Hojjechiisotni, hojjettoota “HIV/AIDS” waliin jiraatan, gorsaa fi wal’aansa madaallii gulantaa gadi-aanaa biyyoolessaa haala simatuun, hayyama yeroo hojii arjoomuu qabu.
- (d) Tajaajilli gorsaa, baasii tokko malee, akkaataa fedhii fi haala hojjettoota dhiiraa fi dubartiif mijjaahuun dhiheessamuu qaba. Addeemsa gargaarsa kanaa qopheessuu fi kennuu keessatti, mootummaa, hojjettootaa fi waldaalee isaanii fi qooda-fudhattoota warra kaan wajjin walitti-dhufeenya uumuun barbaachisaadha.
- (e) Bakka buutotni hojjettootaa, yoo gaafataman, hojjetaan “HIV/AIDS” waliin jiraatu akka gorsa ogeessaa argatu gargaaruu qabu.
- (f) Tajaajilli gorsaa, hojjettoota hundaa, waa’ee mirga fi faayidaa isaanii, haala sagantaa wabii hawaasaa seeraan jiruu fi sagantaalee hojii wajjin walitti dhufuun, akkasumas sagantaa ogummaa jireenyaa warra hojjettootaa akka “HIV/AIDS” dandamatan gargaaru, itti himuu qaba.
- (g) Yeroo hojii keessaan “HIV”f saaxilbahamu, akka hojjettootni gorsa fudhataniif, miindessitootni, hayyama miindaa wajjinii yeroo quubsaa ta’eef kennuufii qabu.

### **9.3 Tajaajila fayyaa hojiif kan biraa**

- (a) Hojjechiistotni tokko tokko, hojjettootni isaanii qoricha humna vaayiresii kanaa dadhabsiisu (antiretroviral) akka argatan gargaaruuf qophaa'haa ta'uu dandahu. Bakka tajaajilli fayyaa iddoo hojii jirutti, mootummaa fi qooda-fudhattoota hundaan wali-ta'uudhaan, tajaajila fayyaa: faayidaa bal'aa qabu; kan "HIV/AIDS" ittisuu fi to'atu; fi hojjettoota "HIV/AIDS" waliin jiraatan gargaaru kennuu qaba.
- (b) Tajaajilli akkasii kun: qoricha "HIV/AIDS" dadhabsiisu (antiretroviral) kennuu; wal'aansa dhukkuboota mallattoo "HIV" qaban wayyeessu kennuu; gorsa waa'ee nyaataa fi nyaata dabalataa; dhiphachuu salphisuu fi wal'aansa dhukkuboota haala eeggatan kan akka dhukkuboota wal-quunnamtii saalaan daddarbanii fi dhukkuba sombaa kennuu dabalachuu qaba.

### **9.4 Walitti-dhufeenya gareewwan wal-gargaarsaa fi gareewwan hawaasaa wajjin**

Bakka barbaachisaa ta'etti, miindessitootni, waldaaleen hojjettootaa fi hojjettootni fayyaa bakka hojii, bakka hojii keessatti hundeeffama garee wal-gargaarsaa ykn hojjettoota "HIV/AIDS"n miidhaman gara garee wal-gargaarsaa fi gara dhaabbilee gargaarsa kennaniitti gaggeessuuf qindeessuu qabu.

### **9.5 Faayidaa**

- (a) Mootummootni, miiltota hawaasaa wajjin ta'uudhaan, faayidaaleen haala seeraa fi heera biyyaatiin jiran, sadarkaa hojjettoota dhukkuba cimaa kan biraatiin qabamaniif ta'uutti gadi hin taaneen, hojjettoota "HIV/AIDS" waliin jiraataniifis hojii irra ooluu isaa dhugoomsuu qabu. Akkasumas, amala saffisaa fi jijjiirama "HIV/AIDS" hubachuudhaan, itti-fufinsa faayidaalee haaraa hubachuu qabu.
- (b) Miindessitootni fi waldaaleen miindessitootaa fi hojjettootaa, haala faayidaa amma jiru [gargaarsa addaa hojjettootaaf godhamu dabalatee] akkaataa fedha hojjettoota "HIV/AIDS" waliin jiraniif ta'utti mijjeessuuf, mootummaa wajjin hojii irra ooshuu qabu.

### **9.6 Wabii hawaasaa argachuu**

- (a) Mootummootni, miindessitootni fi waldaaleen hojjettootaa, akka hojjettootni "HIV" waliin jiraatani fi maatiin isaanii, sagantaalee kunuunsaa fi faayidaa wabii hawaasaa guutuu isaa fi sagantaalee hojii keessaa akka hin-baasamne dhugoomsuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu qabu. Kun hojjettoota warra hojjiitiini fi haala hiree hawaasa keessaa qabaniin kan ka'e, "HIV/AIDS" f saaxilamanii fi maatii isaanii irrattis hojjechuu qaba.

- (b) Sagantaaleen kun, hojjettoota “HIV/AIDS” tiin qabamani fi hojjettoota dhukkuba cimaa kan biraatiin qabamaniif faayidaa wal-fakkaatu kennuu qabu.

### **9.7 Dhimma dhuunfaa fi icciitii**

- (a) Mootummootni, kaampaaniin inshuraansii dhuunfaanii fi miindessitootni, akkuma ragaa fayyaa hojjettootaa, odeeffannoo; gorsa, kunuunsa, yaalii fi faayidaa fudhachuu icciidhaan qabamuu isaanii fi akkaataa Gorsaa Tajaajila Fayyaa Hojii, 1985 (lakoofsa 171) qofaatiin ilaalamuu isaanii dhugoomsuu qabu.
- (b) Qaamotni sadaffaan, kan akka warra imaanaa fudhatanii, bulchitoota sagantaalee wabii hawaasaa fi sagantaalee hojii, odeeffannoo “HIV/AIDS”n wal-qabate hundaa, akkuma ragaa fayyaa hojjettootaa, icciitiitiin eeguu qabu. Kunis, haala dambii raawwii DhHA eeggitee ragaa dhuunfaa hojjettootaaf jirutti raawwatamuu qaba.

### **9.8 Sagantaalee hojjettootaa fi maatii isaanii gargaaran**

- (a) Akkaataa uumama dhukkuba kanaan wal-qabateen, sagantaaleen gargaarsa hojjettootaa, tajaajila adda addaa keessatti hojjettootaa akka miseensota maatiitti qabachuu fi miseensota maatii isaanii gargaaruuf, diriirfamu ykn akkaataa gaariidhaan babal’achuu qaba. Kunis, hojjettootaa fi bakka buutoota isaanii wajjin mari’achuudhaan raawwatamuu qaba. Innis, mootummaa fi qooda-fudhattoota warra kaan wajjin ta’uudhaan, akkaataa qabeenyaa fi fedhii wajjin wal-qabateen, raawwatamuu ni dandaha.
- (b) Sagantaaleen akkasii, waliigalatti, irra-caalaan kunuunsa namoota dhukkuboota “AIDS”n wal-qabataniin miidhamani, dubartootaan akka raawwatamu beekuu qabu. Akkasumas, fedhii addaa dubartoota ulfaa beekuu qabu. Fedhii daa’imman warra isaanii tokko ykn lamaan “AIDS”n dhabanii, kan kanaan ka’e; barumsa dhiisan, hojjechuuf dirqamani fi miidhama wal-quunnamtii saalaaf saaxilamaniif deebii kennuu qabu. Sagantaaleen kun mana keessatti ta’uu dandahu, ykn dhaabbileen mootummaa sagantaalee akkanaa walitti qabuudhaan gargaaruu ni dandahu, ykn tajaajilli akkasii dhaabbilee dhuunfaa irraa argamuu ni dandahu.
- (c) Sagantaan gargaarsa maatii qabxiilee armaan gadii dabalachuu ni danda’a.
- boqonnaa wali-beekuu;
  - sagantaalee odeeffannoo fi barumsaa keessatti akka qooda fudhatan afeeruu;
  - gara dhaaba gargaarsaa fi gareewwan wal-gargaarsaatti qajeeshuu;
  - yoo hojiin kun barumsa hin-danqu ta’e, akka hojjetaan ykn miseensi maatii hojjetaa hojii argatan gargaaruu.

- fedhii daa'immanii fi dargaggoota warra isaanii tokko ykn lamaan "AIDS"n dhaban guutuuf, tarkaanfii addaa kan akka gargaarsa barumsa dhaabbataa, leenjii ogummaa fi shaakala hojii.
- Qooda-fudhattoota hundumaa fi dhaabbilee hawaasa keessa jiran, mana barumsaa ijoolleen hojjettoota miidhamanii keessatti baratan dabalatee, wajjin wal-qindeessuu.
- Gargaarsa maallaqaa kallattii ta'ee fi hin-ta'iin.
- Dhimmoota maallaqaa dhukkubsachuudhaa fi fedhii maatii wajjin wal-qabate to'achuu.
- Odeeffannoo seeraa, gorsaa fi gargaarsa.
- Gama hubannoo dhimmaa fi adeemsa seeraa dhukubsachuu fi du'uu wajjin wal-qabatan; kan akka raawwii dhimmoota maallaqaa/qabeenyaa; kan akka baasii dhukkuba wajjin wal-qabatee, dhaalaa fi dhaamsa kaahuu.
- Maatiiwwan sagantaalee wabii hawaasaa fi sagantaalee hojii akka hubatan gargaaruu.
- Hojjetaa miidhameef kaffaltiin dura dabarsee akka raawwatamuuf gochuu.
- Maatiiwwan gara abbaa-taa'itaalee seeraa fi fayyaa hariiroo qabaniitti qajeeshuu, ykn maqaalee abbaa-ta'itoota akkasii kennuufii.



## **Maxxantoota**

### **I. Dhugaa bu'uuraa waa'ee dhibee kanaa fi hubachiisa isaa**

#### **Dhugaa waa'ee "HIV" fi "AIDS"**

Vaayresiin dandeettii dhukkuba ittisuu namaa dhibamsiisu (HIV), inni "AIDS" fidu, karaa dhangala'a qaamaa, keessumaa, dhiiga, fincaan kormaa, dhangala'a dubartii fi aannan harmaa ni daddarba. Hamma yoonatti akka beekametti, dhukkubni kun karaa afur daddarba: miiltoo qabame wajjin wal-quunnamtii saalaa of-eeggannoo hin qabne gochuu (isa irra baay'ee); karaa dhiigaa fi dhiigaan wal-qabate, fakkeenyaaf, dhiiga faalame namaa kennuu, nafa tokkoo tokkotti dabarsuu, ykn meeshaa fayyaa faalametti gargaaramuu; haadha qabamte irraa gara mucaatti gadameessa keessatti ykn yomma dahumsaa fi harma hoosisuudhaan. "HIV"n, qaamaan wal-xuquutiin, qufa'uudhaan, haxiffachuudhaan, dhunguudhaan, mana qulqullinaa (fincaanii/boolii) fi meeshaalee ittiin dhiqatan tokkotti fayyadamuudhaan, meeshaalee ittiin nyaataniin, ykn nyaata fi dhugaatii nama "HIV" qabuun xuqameeru nyaachuu/dhuguudhaan; fi bookee fi ilbiisa biraatiin hin daddarbu.

"HIV"n, dandeettii dhukkuba ofirraa dhowwuu qaama namaa dadhabsiisee, madaa dandamachuuf rakkisa. Namni erga qabamee booda waggaa kudhan ykn sanaa ol jiraachuu dandaha. Yeroo kana keessaa baay'eesaa otoo mallattoo hin-mul'siin ykn dhukkuba malee turuun ni dandahama. Garuu, dhibee kana nama kaanitti dabarsuu ni dandahu. Mallattoon "AIDS" jalqabatti mul'atan warra kana dabalatu: dadhabii yeroo hundaa; garaa kaasaa; gubuu/o'uu dhaqnaa; jijjiirama sammuu kan akka irraanfachuu; hir'ina ulfinaa; qufaa walitti aanaa; madaa gurguddaa deddeebi'ee qaama irratti mul'atu; madaa naannoo afaanii; fi dhiitahuu mudaamuddii/bobaa. Dhukkubootni haala eeggatan kan akka xafaa, boquu jallisaa, qorra fi dhukkuba sombaa, haala dadhabina qaamaa kanatti gargaaramuu dandahu. Yeroon dhukkubaa, yeroo namatti furu wajjin kan wal-furu yoo ta'uyyuu, "AIDS" irra-caalaa yeroo hundumaa lubbuu-dabarsaadha. Talaala dhukkuba kanaa umuuf qorannoon gaggeeffamaa jiraatuyyuu, hamma yoonatti kan furmaata kenne hin-jiru. Qorichootni guddina vayiresii kanaa suutessan (antiretroviral) lubbuu namaa dheersaan ni jiru. Haata'u malee, yeroo ammaa, gatiin qoricha kanaa mi'aahaa waan ta'eef, warri baay'ee rakkatan argachuu hin dandahani, garuu hallii jiru nafa nafa jijjiiramaa jira. "HIV"n vayiressii laafaa haala murtaahee keessa qofaa jiraachuu dandahudha. Gogaa hin-madoofne uruu waan hin-dandeenyeef, qaama aseenuu han-dandahus karaa uumamaan jiidhaa ta'an qofaadha. Kanaafuu, ittisni vayiresii kanaa warra kanatti aanan dabalachuu qaba: waanti vayiresii kana dhaabu jiraachuu mala, fakeenyaaf, kondomoota ykn meeshaalee ittisaa kan akka warra harkaa fi fuula haguugani (bakka ta'uu qabutti); meeshaaleen gogaa uruu dandahan kan faalaman akka hin-taane; vayiresich miicuudhaan, saamunaa humna qabanii fi bishaan o'aatiin ajjesamuu qaba (Maxxantuu II ilaalaa).

#### **Tamsa'inaa fi dhiibbaa inni humna oomishaa irratti qabu**

Dhuma bara 2000tti, namootni miliyoonii 36 ol "HIV/AIDS" wajjin kan jiraatanidha. Harka sadii keessaa harki lama biyyoota Afrikaa Saharaan gadii keessa jiru. Namootni gara

miliyoonii 22 "AIDS"tiin du'aniiru; bara 2000 ji'ota 12 keessatti namni miliyoonii sadii addunyaa irraa du'aniiru.

Ardiin hundumtuu miidhameera. Gaheessotni fi ijoolleen "HIV/AIDS" wajjin jiraatan: biyyoota Afrikaa Sahaaraan gadii keessaa, miliyoonii 25; Eeshiyaa keessaa, miliyoonii jaha; Laatiin Amerikaa fi Karibiyaan keessaa, miliyoonii lama; Amerikaa Kaabaa keessaa, gara miliyoonii tokkoo; Awuroopaa Dhihaa keessaa, miliyoonii walakkaa; Awuroopaa Bahaa fi Eeshiyaa Giddu-galeessa keessaa, gara kuma 750; Afrikaa Kaabaa fi Giddu-galeessa Bahaa keessatti, gara miliyoonii walkkaa ta'u. Akkaataan irra guddinaan itti daddarbu adda adda yoo ta'eyyuu, ardiiwwan hunduu nafa-nafa miidhamaa jiru.

Dhiibbaan "AIDS"n baay'ina namaa Afrikaa irratti qabu ifaadha. Biyyoota jireenyi dhibee kanaa 2% oli ta'ee 29 keessatti, baay'inni namaa kan otoo "AIDS" hin-jiraannee bara 2010 tti ta'uu malu irraa miliyoona 50 xiqqaata. Gama umurii fi saalaatiinis dhiibbaan ni jiraata. Biyyoota baay'eetti, yeroo baay'ee, dhiira caalaa dubartootni ijoollummaatti qabamu. Afrikaa keessatti, namoota haaraa qabaman keessaa walakkaatii olitti dubartootadha. Namoota umuriin isaanii 15 hanga 49 gidduu ta'etu caalmaatti qabama. Isaanis, garee humna cimaa waan ta'aniif, bu'aan isaan maatiif, hawaasaa fi dinagdeef godhan dhabamaa jira. DhHAN, addunyaa irratti, hojjetootni miliyoonii 20 ol ta'an "HIV/AIDS" wajjin akka jiraatan tilmaama. Bara 2020tti, biyyoota tamsa'inni ol'aanaan jiru keessatti, baay'inni namoota hojjetanii, kan otoo "AIDS"n hin-jiraannee ta'uu malu irraa, dhibbantaa 10 fi 30 gidduu ni xiqqaata. Daa'imman miliyoonii 14 warra isaanii tokko ykn lamaan "AIDS"n dhabaniiru. Akkasumas, baay'een isaanii, barumsa dhiisanii, akka hojiitti bobbahan dirqamaniiru. Kunis, rakkoo daa'imman hojjechiisuu cimseera.

"HIV/AIDS"n namoota qabamani fi maatii isaanii, akkasumas hawaasa irratti dhiibbaa cimaa geessiseera. Rakkoon kunis, maanguddoo fi daa'imman namootni qabaman kun bushan irratti cima. Dhiibbaan namootaa fi hawaasa isaanii irra gahe kunis sadarkaa dhaabbilee fi biyyaatti calaqqiseera. Dhibeen kun addunyaa hojii keessatti karaa adda addaa of-mul'isa: oomisha addaan kutuu; loogii miindessuu; wal-caaltee koorniyaa bal'isuu; fi babal'ina balaa ijoollee hojjechiisuu. Akkasumas; hir'ina qabeenya namaa geessisee; sirna wabii fayyaa fi hawaasaa irratti dhiibbaa baay'isuudhaan; wabii fi nageenya hojii sodaa keessa gasha.

## **Dhimmoota gadadummaaf saaxilan**

### **Haala waliigalaa**

"AIDS"n bakka itti mirgi dinagdee, hawaasaa fi aadaa sarbamanitti fi bakka itti dhaabni sivilii fi siyaasa handaarfmaniitti dagaaga. Gama dinagdeetiin, hiyyummaan bakka cimaa fudhata. Doofummaani fi handaarsuun warra hiyyeessa, faalamuuf isaan saaxila. Hiyyummaan dubartootni wal-quunnamtii saalaa naagaa qabeessa hin-taane raawwatanii akka jiraatanii fi maatii isaaniis akka bulchan isaan dirqisiisa. Nyaatni guutuu hin-taane, manni jireenyaa gahaa hin-taane fi qulqullina dhabuun namoota "HIV" qaban, akka dhukkuboota "AIDS" wajjin wal-qabatanitti saaxilaman ni godha. Gama hawaasaa fi aadaatiin, wal-caalteen namummaa fi walitti dhufeenya hojii ilalchisee jiru, gara wal-quunnamtii salaa hin-barbaadamnee fi balaa qabuutti nama oofa. Ilaalchii fi amalli akka qabxiilee balaa

guddisaniitti fudhatamuu qabu ta'a. "HIV"n qoricha limmee faalameen kennuutiin daddarbuu ni dandaha. Qorichaa/araada fi dhugaatii haala malee fudhachuun, dandeettii namootaa wal-quunnamtii saalaa naggaa qabuu fi fudhannaa qoricha seera qabu akka hin-raawwanne isaan godha. Namoota "HIV/AIDS" wajjin jiraatan qoobsuun/handaarsuun, fedhii waa'ee dhibee kanaa caljechuu uumaadhaan jiru cimsee, akka dhukkubni kun tatamsa'u gargaara. Dhiibbaan aadaa fi diddaan, akkaataa dhibeen kun sadarkaa hawaasaa fi biyyaatti irra jiru dhoksee, karoora hawaasaafis ta'e namootaaf deebii quubsaa kennu qopheessuu irratti rakkoo uuma.

Gama sivilii fi siyaasaatiin; haalli walitti-bu'insaa, dhibinsi seeraa fi nageenyaa, caasaan seeraa fi hojii irra ooshuu dadhaban, diddaa mirgoota gurmaahuu fi carraa wal-wajjin ta'uu faana wal-qabatee, waliigaltee misoomaa gufachiisee, keessumaa hojii babali'na dhimma fayyaa dadhabsiisa. Biyyoota hedduu liqaa irra jiruu fi jijjiirama caasaatiin baay'ee miidhaman keessatti, sirni fayyaa qabeenya gahaa waan hin-arganneef kunuunsaa fi ittisa barbaadame kennuu hin-dandeenye.

Waliigalaatti, haalli qoobsuu fi dhibinsi kabaja mirga namaa, hojjetootni faalamuuf irra caalaa akka saaxilbahanii fi "AIDS" dandamachuu akka hin-dandeenye isaan godha. Maaliif yoo jedhame, haalli kun: qorannoo fedhii, gorsa, yaalii fi gargaarsa akka hin-barbaaddanne isaan godha; akkasumas, duula gorsaa fi ittisaa keessatti qooda fudhachuuf hindandahan.

### **Qabxiilee balaa faalamuu garee hojjetoota murtaahe guddisan**

Dhimmi murteessaan waan hojjetan otoo hin-ta'iin amala ofii otuma ta'uuyyuu, hojiin tokko tokko hojii gosa kaan irra balaa faalamuuf nama saaxilu. Warri kanaan gadditti tarreeffaman, isaan keessa hamma tokkodha.

- hojii yeroo hundaa adeemmii barbaaduu, keessumaa isa yeroo hundaa miiltoo jireenyaa irraa fagaatanii akka jiraatan nama dirqisiisu;
- Hojii bakka qobaa beheeruu fi bakka hawaasa wajjin walitti-dhufeenya gahaa ta'e hinqabnee fi bakka tajaajilli fayyaa gahaa ta'e hin-jirretti hojjetamu;
- Bakka dhiirri qofaan wal-wajjin hojjetanii fi jiraatan;
- Bakka hojjetaan faalamuu ittisuu irratti abboommi hin-qabne;
- Hojii dhiira baay'ee fi dubartoota xiqqootiin hojjetamu;
- Hojii balaa saaxilbahuu qabu kan akka: dhiiga namaa, waanta dhiiga keessaa bahuu fi dhangala'aa qaamaa kan biraa wajjin wal-xuquu; limmeedhaan miidhamuu fi dhangala'uu dhiiga faalamee; bakka Of-eeggannoon Waliigalaa hin-hordofamnee fi/ykn bakka meeshaaleen gahaa hin-taane.

Warra kana wajjin 'hojiin ala' dabalamuu ni danda'a. Kunis, warri kanatti aanan akka dabalamaniif: hojjetootni hojii hinqabne, magaalota keessatti waliti-qabamanii carraa

galii xiqqoo argachuu eeggatan, "HIV" f saaxilamaniiru; dhiibbaa sodaachisaa, ykn namoota buqqa'anii fi namoota mooraa kooluu-galootaa keessa jiraatan, akkasumas warri nama/hiriyyaa wajjin hin-jirree fi akka gatamaniitti yaadan, gara hojii saalaatti asseenuu, ykn kanaaf dirqamuu danda'u, keessumaa haadhooliin qobaa jiran.

### **Fedhii addaa damee hojii dhaabbataa hin-taane<sup>1</sup>**

Hojjettotni dhaabbataa hin-taane keessumaa dhiibbaa "AIDS" tiin kan rakkatan fakkaatu. Kunis kan ta'u karaa sadiin. Tokkoffaan, isaan yeroo baay'ee tajaajila fayyaa ykn gargaarsa hawaasaa hojjetoota damee dhaabbataa keessaa jiru hin-argtan. Lammaffaan, hojiin isaanii, kan wabii maallaqaa irratti hundaa'e miti, ykn kan kana argachiisu miti. Saddaffaa, uumaan hojiin isaanii gabaabaa ykn kan saaxilame waan ta'eef, yoo inni dhibe, daldaluus ta'e oomishuu hin dandahan. Hojii dhaabbataa hin-taaneef, hojjetta tokko ykn lama dhabuun, jijjiirama hamma kufiinsa hojichaatti adeemu fiduu dandaha. Yoo abbaan qabeenyaa "HIV" tiin faalame, dhukkubsatee du'e, qabeenyi hojichaa, gara yaalii, kunuunsaa fi awwasha namtichaatti waan galagaluuf, hojichi achumatti dhaabatee, hojjetootaa fi maatii namtichaa harka duwwaa hambisa. Damee dhaabbataa hin-taane baadiyyaa keessatti, kunnuunsuun humna namaa hojii qonnaa irraa hir'isa. Akkasumas, dhabinsi humna namaa "AIDS" irraa kan ka'e, oomisha midhaan nyaataa hir'isee, sadarkaa wabii midhaan nyaataa gadibuusa. Walumaa galatti, maammilootni waan du'aniif, ykn galii xiqqoo qaban yaalii fi kunuunsaaf waan ol-kaawwataniif, kufinsi dinagdee haala kanaan dhufu, dameewwan dhaabbataa hin-taane irra miidha.

### **Gama koorniyaatiin**

"HIV/AIDS", gama saaxilbahuu fi miidhaatiin, dhiiraa fi dubartoota haala adda addaan miidha. Haalli uumamaa adda addaa kan dhiira caalaa dubartoota faalamuuf saaxilanis ni jiru. Wal-caalteen gama uumama qaammatiin jirus dubartoota tarkaanfii faalamuu of-irraa dhowwu akka hin-fudhanne isaan ittisee miidhaan "HIV/AIDS" akka isaan irratti cimuu godha.

---

<sup>1</sup> Akka gabaasa Direkteerri Ol'aanaa DhHA Yaa'ii Hojii Addunyaaf bara 1991 keessa dhiheessanitti, jechi 'damee hojii dhaabbataa hin-taane', han-kanatti aanuu jechuu akka ta'etti fudhatameera. Dhaabbilee baay'ee xixiqqoo ta'an, meeshaalee fi tajaajila homishanii hiran; irra gudda homishtoota offiin bulani fi of-miindessani magaalota biyyoota guddachaa jiran keessti argaman qabata; hammi ta'an isaanii humna maatii isaanii fi/ykn humna miindeffame muraasa ykn shaakaloota hojjechiisu; warra maallaqa baay'ee xiqqaa ta'een, ykn homaaniyyuu hojjetani; warra teeknoolojii fi ogummaa xiqqaattiin gargaaramani; kanaafuu warra oomishummaa sadarkaa xiqqaatiin hojjetani; fi waliigalatti warra namoota irratti bobbahaniif galii xiqqaa fi ciccitaa fi hojii abdachiisa hin-taan kennanidha. Dhaabbataa hin-taane: bakka caalutti waan hin-glmoomnee fi akka ragaa seeraatti waan hin-qabamneef; magaala gurmaahetti, dhaabbilee liqiitti, dhaabbilee leenjii fi barumsa beekamooti, ykn tajaajila fi gargaarsa mootummaatti waan hin-fayyadamneef; mootummaatiin waan hin-beekamnee, hin-to'atamnee fi waan hin-deeggaramneef; yeroo baay'ee haala adda addaatiin caasaa seeraa ala akka hojjetan dirqamu. Baaka galmaahani haala seeraa tokko tokko kabajanittis yoo ta'e, waliigalaan yeroo hundaa ilaalcha/gahumsa wabii hawaasa, seera hojii fi off-eeggannoo bakka hojiitiin ala ta'u. Hojjetotni fi hoomishtootni demeen hojii dhaabbataa hin-taane walumaa galatti warra hin-beekammedha (hamma ta'an isaaniif waldaan beekamaa hin-taane jiraachuu dandaha). Yeroo baay'ees, raawwii fi qaqaabii waldaa hojjetootaani fi waldaa miindessitootaan ala ta'u (ILC: The dilemma of the informal sector, 78<sup>th</sup> Session (1991), Report I(1), p.4 (English text)).

- Dubartootni baay'een gaa'elaan ykn walitti-dhufeenyaan gadi-aantummaa saalaa fi dinagdee keessa jiraatu. Kan kanaan ka'e, wal-quunnamtii saalaa naggaa qabeessa filachuu ykn isaan naggaa hin-taane diduu hindandahan.
- Wal-caalteen aangoo bakka hojii jiru dubartoota sodaa gamaa saalaan doorsifamuuf saaxilbaasa.
- Hiyyummaan "AIDS" f saaxilbahuuf akka tumsu hubatameera. Hiyyeeyyii addunyaa kana keessaa warri baay'een dubartootadha. Yommaa hiyyummaa cimaan dhufu, irra gudda, ijoollee dubartootni mana barumsaa keessaa bahu, hojii humnaa ykn hojii wal-quunnamtii saalaa akka hojjetaniif gurguramu.
- Doofummaa isaanii irraa kan ka'e, dubartootni, ergaan "HIV" of-irraa ittisuu isaan hingahu. Kan kanaan ka'e, addunyaa irratti, dhiira caalaa dubartootni baay'een miidhamu – biyyoota tokko tokko keessatti harka lama.
- Harki-caalaan godaantotni biyya keessaa dubartootadha. Akkasumas, ijoollee wajjin, dhibbantaa 75% kooluu galtootaa ta'u. Haalli kun lamaan, balaa "HIV" tiin qabamuu wajjin, sadarkaa cimaatti wal-qabateera. Naannoo waraanni jirutti, warra wal-waraananiin, dubartoota humnaan gudeeduun qindaahee, baay'inaan raawwatamaa dhufeera.
- Ba'aan kunuunsuu miseensota maatii fi hawaasa "HIV" tiin qabamanii, yeroo baay'ee dubartootaa fi shamarraawwan irratti fe'ema. Gama biraatiin, kun hojii isaanitti baay'isa, humna galii argachuu fi hirmaannaa mana barumsaa ni xiqqeessaa.
- Dubartootni "HIV/AIDS" waliin jiraatan, warri miiltoo salaa isaanii dhaban ykn "HIV" waan qabaniif warrii dhiifaman, rakkoo maallaqaa cimaa godhatu; carraa dinagdee fooyyeffachuus dhabu. Halli kunis, jiraachuuf akka qaama isaanii gurguran isaan dirqisiisa. Keessumaa ijoolleen shamarran maagaala wal-quunnamtii saalaatti akka bobbahan isaan dirqisiisa.
- Qorannoon, dubartootni dhiira caalaa guddinaan qoobsuu hawaasaa fi handaarsuu "AIDS" wajjin wal-qabateef akka saxilbahaniiru mul'isu. Kunis, keessumaa naannoo baadiyyaatti cimaa akka dhiibamanii fi akka qobaatti bahan isaan godhee, karaa wal-quunnamtii saalaatiin akka jiraatan isaan dirqisiisa.
- Hojiin dubartootni raawwatan- kaffalamanis ta'e otoo hin beekamiin – salphaatti "AIDS" tiin diigamu. Fakkeenyaaf, dubartootni damee hojii dhaabbataa hin-taane keessa baay'inaan hojjetu. Karaa biraan, hojiin akkasii, wabii hawaasaa ykn faayidaa fayyaa hojii wajjin wal-qabatee irraa hin-fayyadamu.
- Dhiiraa gaditti, dubartootni xinnoon wabii hawaasaa ykn faayidaa fayyaa hojii wajjin wal-qabate irraa fayyadamu.

- Yeroo baay'ee, dhiirri, aadaa dhiirummaan wal-qabatee jiru irraa kan ka'e, wal-quunnamtii saalaa nagaan hin-taane fi/ykn wal-quunnamtii saalaa waliigaltee irratti hin-hundoofneef saaxilbahu.
- Bakka damee hojii hojjettootni saaxilbahani jiranitti, lakkoofsi hojjettoota dhiiraa kanta'uu qabuutii olitti baay'eedha. Haalli hojii kunis, wal-quunnamtii saalaa waliin raawwachuuf isaan saaxila.
- Akkaataa walitti-dhufeenya aangoo dhiiraa fi dubartii gidduu jiruun, dhiirri, gama ittisaa fi dandamachuu "HIV/AIDS"tiin, ilaalcha itti gaafatamummaa fudhachuu fi jajjabeessuu gahee guddaa qaba.

## **II. Bakka hojiitti faalamuu to'achuu**

### **A. Of-eeggannoo waliigalaa dhiigaa fi dhangala'aa qaamaa**

Of-eeggannoon waliigalaa dhiigaa fi dhangala'aa qaamaa (akka 'Of-eeggannoo Waliigalaa' ykn 'Of-eeggannoo Sadarkaaheetti' kan beekamu), yeroo duraaf biyya Ameerikaa keessatti dhaaba Giddu-galleessa To'annaa fi Ittisa Dhukkubaa tiin bara 1985 keessatti tolfame. Kunis irra guddaa dhibee "HIV/AIDS"n wal-qabatee, hojjettoota hospitaalaa faalama dhiigaa wajjin wal-qabate irraa ittisuuf tarsiimoo haaraan hatattamaan waan barbaadameef. Akkaataan haaraan kun, yeroo duraaf, itti-fayyadama of-eegganno dhiigaa fi dhangala'aa qaamaa sadarkaa waliigalatti, namoota hundumaaf (sadarkaa fayyaa isaanii otoo hin-hubatiin), akka faayyadamu cimse.

Of-eeggannoon waliigalaa kun, raawwii salphaa faalamuu to'achuuf qophaahedha. Kunis, balaa dhukkuboota dhiiga irraan dhufan xiqqeessuuf, dhukkubsattoota hundumaaf, yeroo hundumaa itti fayyadamama. Of-eeggannoon waliigalaa kun, warra kanaan gadii qabatu.

- waanta qara qaban (limmee ykn waanta qara qabu kan biraa), of-eeggannootiin qabuu fi balleessuu;
- hojii duraa fi booda harka dhiqachuu;
- dhiigaa fi dhangala'aa qaamaa kan-biraa kallatiidhaan xuquuf, meeshaalee ittisaa kan akka meeshaalee harkatti diramanii, uffatamanii, kkf. itti fayyadamuu;
- kosii dhiigaa fi dhangala'aa qaamaa wajjin wal-xuqan, of-eeggannootiin balleessuu;
- meeshaalee adda addaa faalaman haala quubsaatiin qulqulleessuu; fi
- uffata/wayyaa xuraahee seeraan qabuu.

## **B. Qajeelfamootaa fi Of-eeggannoota Waliigalaa Ittisa Faalamaa Murtaahan**

- Bednarsh, H.S.; Eklund, K.J.: “Infection control: Universal Precautions reconsidered”, in *American Dental Hygienists’ Association: Access* (Chicago, 1995) Vol.11, No.1.
- Center for Disease Control and Prevention (CDC)/National Center for HIV, STD and TB Prevention/Division of HIV/AIDS Prevention: *Preventing occupational HIV transmission to health care workers* (updated June, 1999).
- South African Law Commission: *Aspects of the law relating to AIDS* (Project No.85): Universal workplace infection control measures (Universal precautions) (1997).
- WHO: *WHO guidelines on AIDS and first aid in the workplace*, WHO AIDS series 7 (Geneva, 1990).
- WHO/UNAIDS/ICN (International Council of Nurses): *HIV and the workplace and Universal Precautions*, Fact sheets on HIV/AIDS for nurses and midwives (Geneva, 2000)

### III. Qabiyyee imaammata “HIV/AIDS” iddoo hojii karooruu fi raawwachu

Miindessitootni, hojjettootni fi waldaaleen isaanii, imaammata “HIV/AIDS”, akkaataa fedhii miindessitootaa fi hojjettootaaf deebii kennuu fi madaaluun qopheessuuf qulqullummaa fi haala kunuunsaatiin wal-wajjin ta’uu qabu. Waadaa mootummaatiin deeggaramee, imaammata kun akkaataa “HIV/AIDS” ooggan irratti hawaasaaf fakkeenya ta’uu qaba. Qabiyyeen imaammata kanaa ciccimoon, akka qajeelfama kana kutaa 6–9 keessa kaahametti, odeeffannoo waa’ee “HIV/AIDS” fi attamitti akka daddarbu; tarkaanfii beekumsa waa’ee balaa namootaa fooyyessuu fi tarsiimoo dandeettii babal’isu; tarkaanfii ittisa qabatamaa kan jijjiirama amala gargaarani fi jajjabeessan; tarkaanfii hojjettoota miidhaman kunuunsuu fi gargaaru, hojjettootas ta’e ykn miseensa maatii “HIV/AIDS” wajjin jiraatu; loogii fi qoobsuu gosa kamiyyuu iddoo hojiitti gudhamuuf dhuudhaa sabrii/obsa dhabuu qabata.

Tartiibni kanaa gadi taa’e, imaammatas ta’e sagantaa baasuuf akka qabiyyeetti ni gargaru.

- ❑ Bakka-buutota warra kannatti aananiitiin koreen “HIV/AIDS” ni gurmaaha; ooggana olaanu, to’attoota’ hojjettoota’, waldaa hojjettoota, misooma humna namaa, qajeelcha leenjii, garee wal-quunnamtii industirii, garee fayyaa hojii, koree fayyaa fi nageenya fi namoota “AIDS” wajjin jiraatan –yoo fedha godhatan;
- ❑ Koreen kun; hojii isaa, aangoo murtii kennuu isaa fi itti-gaafatamummaa isaa murteeffata;
- ❑ Seera biyyaa fi dhaaba kanaaf agarsiisa isaan qaban/ergaa isaan dabarsan xiinxala;
- ❑ Qorannoo bu’uuraa icciitiidhaan gaggeessuudhaan, koreen kun, miidhaa dhibeen “HIV” bakka hojii irraan gahe fi fedha hojjettoota “HIV/AIDS”n qabamee fi miidhamee hubata;
- ❑ Koreen kun imaammata qopheessa, akka irratti marihatamu godha, irra deebi’ee hojjechuudhaan mirkaneessa;
- ❑ Koreen kun bajata barbaachisu hojjeta, yoo dandahame dhaaba kanaan alaa irraa maallaqa barbaada, akkasumas, hawaasa naannoo keessa madda jiru addaan baafata;
- ❑ Koreen kun, imaammata kana hojii irra oshuuf, karoora raawwii yerroo fi itti-gaafatamummaa qabu baafata;
- ❑ Imaammata fi karoorri raawwii kun karaa adda addaa bal’inaan ni raabsama/tamsa’a, fakkeenyaaf; gabatee beeksisaa, mana poostaa, miindaa wajjin, walgahii addaa, barumsa jalqabsiisuu fi leenjii;
- ❑ Koreen kun bu’aa imaammata kanaa qorata/hordofa;
- ❑ Koreen kun imaammata kana yeroo yeroodhaan qorata. Kunis, to’annaa bakka hojii keessaa fi odeeffannoo alaa irraa waa’ee vayiresii kanaa fi bakka hojii kana ilaalchisee waan inni mul’isu qorata.

Sadarkaa kanaatii olitti ibsame tokko tokkoon isaa, imaammata dhaaba kanaa isa dhaabbataadhaan karoorame, to’atame fi itti-fufinsa godhate wajjin wal-simuu qaba.